

WAAMICHA WAAQAYYOO FAYYINA KEENYA

Jakii Oosech

**KARAA SEERA BA'UU GARAA WAAQAYYO SABA ISAAF QABU
QORACHUU**

Kutaa I

**“...ABDIIKOO DUBBIKEERRA KAA'ADHEERA.”
MACAafa FAARFANNAA 119:74**

Sagaleen kun Macaafa Qulqulluu Biyyoolessaa Haaraa irraa fuudhame.

Barannoo 1

1. Haala itti Ijpt Saba Israa'eel itti bulchan
2. Ijoolleen dhiiraa Ibrootaa akka ajjeefamaniif ajaja darbe
3. Karoora Joochebed mucaa isheetiif
4. Museen gara Miidiyaanitti baqate
5. Haala Saba Israa'el irratti yaada

Barannoo 2

1. Museen huuxxii qoraattii boba'u keessaa Waaqayyoon wal-arguusaa
2. Waaqayyo karoora Saba Israa'eliif qabu Museetti himuu isaa
3. Fedhii saba isaa waliin hariiroo qabaachuu Waaqayyoo
4. Musee: Seera **Ba'**uu! Seera **Ba'**uu! Seera **Ba'**uu!
5. Museen Ijptitti deebi'uusaa

Barannoo 3

1. Museen Fari'ooniin arguu isaa
2. Fari'oon Saba Israa'el irratti miidhaa cimsuusaa
3. Kakuu Waaqayyo Saba Israa'eliif gale
4. Waaqayyo Waanta Fari'oon raawwatu Museetti himuusaa
5. Musee fi Aroon Fari'oon duratti dhihaachuusaanii

Barannoo 4

1. Dhayicha
2. Araaraa fi firdii
3. Jaala cimaa Waaqayyo saba isaatiif qabu
4. Dhayicha Ijpt itti rukutamte
5. Yaalii fari'oon waliigaluuf taasisa

Barannoo 5

1. Dhayichi itti fufe
2. Waaqayyo Warra Ijpt fi Israa'eloota addaan baasee mallattoo godhe

3. Dhayicha #8 fi #9
4. Dhahicha-angafa kan ta'e akka du'u
5. Barbaachisummaa ilma angafaa

Barannoo 6

1. Seera Faasikaa
2. Faasikaa, Ayyaana maxinoo
3. Dhahicha du'aa fi Warri Ijpt saamamuu isaanii
4. Ba'uun jalqabame
5. Dhiibbaa garbummaa jalaa ba'uusaanii

Keessa Deebii

1. Amaloota seenichaa
2. Kakuuwwan Waaqayyoo
3. Mallattoolee dinqisiisoo Waaqayyoo
4. Maalummaa ilma hangafaa
5. Ayyaana Faasikaa

SEENSA

Maqaan keenya tokkoon tokkoon keenyaaf barbaachisaadha. Maqaan yeroo baayyee warra mucaatiin moggaafama. Al-tokko tokko mucaan maqaan nama beekamaa ni kennamaafi. Yookaan maqaa fira jaallatamuu. Akkasumas al-takka takka mucaaf maqaamti tokko sagaleen isaa waan namatti toleef nikennama. Namoonni mucaa godhachuuf wayita jedhan kitaabota maqaa fi hiika isaanii tarreessanii qaban nibitu. Isa booda maqaan mucaa jalqaba waraqaa ragaa dhalootaa irratti barraa'a, sana booda bakka gara-garaa fi ragaalee gara garaa irratti nibarreeffama.

Maqaa keenya warra, firoota, barsiisota, hiriyoota, miindessitoota keenyaafi namoota nu beekan kaantu itti fayyadama. Maqaa keenyaan wayita waamamnu nama nu waama jiru sana akka qalbeeffanu taasisa. Fakkeenyaaf osoo karaa adeemtanii namni tokko maqaa keessa yoo dhahe shakkii malee eenyu akka isin waame ilaaluuf itti garagaluun deebii kennitu. Mucaan tokko abbaa yookaan haadha wayita waamu/tu haati yookaan abbaan battalatti deebii kennu. Maqaan keenya namoonni aangoo akka nurratti qabaatan taasisa.

Waaqayyos maqaa qaba. Maqaa hedduu qaba. Ofiisaa dhala namaatti wayita mul'isu Maqoota isaa kanneen eenyu akka ta'e beeksisuuf itti fayyadama. Jalqabatti, Seera Uumamaa keessatti Inni Waaqayyo fi Waaqayyo Gooftaa akka ta'e ittiin wal-barre. Amma Seera Ba'uu 3:14 keessatti Ofiisaa "Ani Ana dha" jedhee of beeksisa.

Boqonnaawwan muraasa boodas Seera ba'uu 6: 3 keessatti Abrahaam, Yisihaaqii fi Yaa'iqoob maqaa Waaqa hundumaa danda'u, El-Shaadaay jedhuun akka isa beekan nu yaadachiisa. Amma innoo akkas jedha, an ofiikoo Joohovaa yookaan Yaahweeh akkan ta'e isinan beeksisa jedha. Nuuf maqaan 'Ani Anadha' jedhu haaraa nutti ta'uu danda'a haata'u malee Joohovaah yookaan yaahweeh jechuun isa. Israa'eel Maqaa Waaqa saba kakuu Isaa akka ta'aniif isaan waame maqaasaa beeku, Isa waaqa isaanii ta'uuf isaanii kakate (Seera Uumamaa 17)

Kakuu haaraa keessatti "Ana" kan jedhu waliin kan wal-qabatu gaarii ni argina. Barreesaan wangeelaa macaafa Yohaannis keessatti Yesuusiin akka 'Ana' itti si'a torba ibsa, kan maalummaa Yesuus ibsu. Ta'uyyu Yesuus Yesuus ofiisaa "Ana" jedhee

Akkaataa itti nuti maqaa namaa itti waamnu ulfina nuti nama sanaaf qabnu hima. Al-takka takka nama tokko tokkotti yeroo haasofnu aangoo dursinee maqaa dhoofna. Fakkeenyaaf pireezdaantiin yeroo mara maqaasaa dura jechi Pireezdaant jedhu nidurfama. Akka ijoolleetti nama gudguddaa maqaa yeroo maqaa dhoofnu yookaan nama aangoo qabu tokko maqaa yeroo dhoofnu maqaasaanii dura Obbo akka dura buufnu gorfamna. Akkaataa itti nuti maqaa Waaqayyoo dhoofnu hariiroo nuti Isa waliin akka Uumaa keenyaatti Isa nujaallatuu fi waan foon keenyaaf lubbuu keenyaaf barbaachisu hunda guutu waliin qabnu ifoomsa.

Boqonnaa ‘Waamicha Waaqayyoo, Fayyina Keenya’ jedhu kana keessatti hariiroo cimaa Waaqayyoo Saba isaa waliin qabu irra deebinee ilaalla. Ajaji Inni Fari’ooniif dabarse “Sabakoo akka deemaniif gadhiisi!” kan jedhudha. Waaqayyoo sabasaa garbummaa keessaa waama gara jireenya bilisummaa guyyoota jireenya isaanii maraa Isa itti waaqessanii fi galateeffataniitti. Waaqayyoo nuunis nu waama. Jireenya gabrummaa fi cubbuu keessaa nu waama, bilisa nu baasuuf akka isa Waaqessinuuf, isa tajaajilluu fi isaaf abboomamuuf akkuma saba Isaa taanee jirutti.

Barannoo kunii fi inni itti-aanu kutaalee lamatti hiramaniiru. Waamicha Waaqayyoo, Fayyina keenya kan jedhu yeroo sabi Israa’el gabrummaa fari’oon jala turan irratti xiyyeeffata. Dhayicha kurnanii fi Sabi Israa’eel Ijptiin gadhiisanii ba’uusaanii haammata. Barannoon inni itti aanu imala isaanii Ijpt hanga biyya kakuu Kana’aanitti jiru haguuga (Seera Uumamaa 17:8).

Waamicha Waaqayyoo kana akka dhageessanitti Gooftaan badhaadhummaa isaan isin haa eebbisu. Isa isin gabromsuu barbaadu akka adda baafattaniif ija argu isinii haa kennu. Hariiroo cimaa jaalalaa isa waliinii itti dhadhamachuu isin dandeessisu fedhiigaraa guutuu bilisa ta’uu isiniif haa kennu.

Jalqabbii

Macaafa Qulqulluu qo'achuu akka itti fuftaniin barannoon *Waamicha Waaqayyoo, Fayyina keenya* jedhu kallattii jireenyi keessan hafe irraa adeemu murteessu itti fufa. Daandiin keessan kan eenyurraayyuu adda, akkasumas kaka'umsa beekumsa macaafa qulqulluutti guddachuuf fedhii taatota haaraa hedduu waliin wal-bartanii dinqisiifachuu keessaniin murtaa'a. qo'annaa kanaaf kutannoo isin agarsiiftan jireenya keessan guutuu gochuuf murteessaadha Waaqayyoo garaa Sagalee isaa waan dubbatuuf.

Waan shan harkatti akka qabattan barbaachisa. Meeshaaleen kunniin qo'annichi jalqwabee hanga dhumutti tajaajilarra ni-oolu. Qo'annoo guyya guyyaa keessatti nifayyadamtu barnoota keessan akka gabbisuuf.

1. Qo'annoo Macaafa Qulqulluu kana: Waamicha Waaqayyoo, Fayyina Keenya
2. Macaafa Qulqulluu Hiika Biyyoolessaa Haaraa. Hub. Haaraa bittu yoo ta'e, Macaafa qulqulluu kanneen armaan gaditti tarreeffaman qaban barbaadi:
 - a. gabatee qabiyyee kitaabota (kutaalee) Macaafa qulqulluu tarreessee qabu
 - b. . a cross-reference column, preferably down the center of each page
 - c. Xumura macaafa Qulqulluchaa irratti hiika jechootaa
 - d. Kaartaa bu'uuraa xumura Macaafa Qulqulluchaa irratti
3. Peennaa yookaan irsaasii yookaan qalama ittiin irra diban
4. Dabbara yaadannoo yookaan taableetii
5. Kaardii itti liqqaasii qabatan 3x5 yookaan 4x6

Waantotni #2 jalatti tarreeffaman qo'annoo keessaniif isin qopheessa milkaa'inaan dubbicha dubbiftanii akka fixxan isin qopheessa. Macaafa Qulqulluu keessan wayita bitatttan nama isa/ishee isinitti gurguraa jiru/tu wayita filattan akka isin gargaaru/tu gaafachuuf boodeetti hin-jedhinaa. Keessumaa ' kutaan wabeeffannaa' irratti hundaa'uun adda baafatanii wayita filattan akaakuu jiran irratti gargaarsa gaafadhaa.

Al-takka takka waanti beekuun isinirra jiru: Hiikni Macaafa Qulqulluu gara-garaa maneen Macaafni qulqulluun itti gurguramanii fi Barns?? Manneen kitaabaa jajamoo ta'an biyya keessaa keessatti ni argamu. Qo'annoo kanaaf Macaafni qulqulluu gorfamu hiika

biyyoolessaa haaraati, ‘NIV’ jedhamuun kan beekamu jechuudha. Qo’annoo Macaafa Qulqulluu kana keessatti kan wabeefannu hiika biyyoolessaa haaraa kana. Macaafi kun kan hiikame barreeffama aslii/jalqabaa irrati, hayyonnis hiikni kun haala adda ta’een sirrii akka ta’ee fi afaan si’anaa/hammayyaa akka fayyadamu itti waliigalu. Hiikonni baay’een gaggaarii kaan jiru, al-takka takkas boqonnaa Macaafa Qulqulluu keessaa murtaa’e sirritti hubachuuf akkasumas hubannoo argachuuf nigargaaru.

Hiika gara-garaa jiran kana malees, Macaafonni Qulqulluu tokko tokko maxxansitootaan akka ‘Macaafa Qulqulluu Qo’annaatti’ yookaan akka “inductive study Bibles” yookaan akka “life application Bibles”itti nikennamu. Macaafonni Qulqulluu akkanaa ibsaa fi yaadannoo gadi fageennyaan ni kennu.

Macaafa qulqulluu keessan qabxiiwwan yaadachuuf qalama irra dibuu hisodaatinaa. Isinii eyyamameera! Kanaafi peennaa fi qalmni halluu itti irra diban kan barbaachiseef. Macaafa Qulqulluu keessani, qo’annaadhaaf. Qabxii mataa keessanii qabataniin, jala sarartaniin, irra dibdaniin, itti martaniin, xiyya irra keessaniin kan mataa keessanii taasifadhaa! Wayita kana Dabtara (Notebook) yookaan taableetii keessan yaada, gaaffii fi haala qo’annaa keessanii irratti barreessuf(irratti qabachuuf) akka fayyadamtan gorfama. Tokkoon tokkoo barannoowwan ja’anii kutaa shan shanitti adda baba’ee jira. Kutaaleen kunniin yeroo adda kukkutuun qo’aqnuncha keessa akka baatan qofa gargaaru. Yeroon qo’annoon kun isinitti fudhatu saffisa keessan isintu murteessa. Al-takka takka barannoowwan kunniin yeroo isin qabdaniin ol yeroo akka kennitaniif gaafata ta’a, akkasumas takkaa qabattanii teessaniin akka xumurtan isinirraa barbaada ta’a. Yeroo kaan ammoo kutaa barannoo tokko xumuratnii isa itti aanutti darbuuf filachuu dandeessu.

Macaafa Qulqulluu qo’achuuf alanni isiniif jalqaba yoo ta’e Barannoo mata duree ‘

Macaafa Qulqulluu kan ofii taasifachuu’ jedhuun akka jalqabdan jajjabeeffamtu.

Qo’annuchi maloota qo’annoo keessaniif haala mijeessan isinii dhiheessa, akkasumas

Macaafa qulqulluu sirriitti akka beektan isin gargaara(taasisa). ‘*Macaafa Qulqulluu kan*

ofii taasifachuu’ (Making the Bible Yours) tarii www.FullValue.Org irraa garagalfachuun

nidanda’ama. Boqonnaawwan kaan dabalataas kaffaltii tokko malee galagalfachuun

nidanda’ama.

- ‘Karoora Waaqayyoo, Filannoo Keenya’ kan jedhu qo’annoo jalqabaa
- Kakuu Waaqayyoo, EEbba keenya : seenaa Abrahaam Seera Uumamaa 12 -25tti jiru
- Amanamummaa Waaqayyoo, Abdii keenya: Seenaa Yisihaaqii fi Yaa’iqoob Seera Uumamaa 25 -36 keessatti barreeffamee jiru
- Dhiifama Waaqayyoo, Bilisummaa (Hiikama) Keenya: Seenaa Yoosee fi Obbolotasaa Seera Uumamaa 37-50 keessatti barreeffamee jiru

Barannoowwan kunniin akka dubbiftaniif kan jajjabeefamtan ta’us barannoo boqonnaa aja’a qabu ‘Waamicha Waaqayyoo, Fayyina keenya ’ jedhu kana milkaa’inaa xumuruuf hin barbaachisani.

Walumaagalatti, barannoon kun ofii keessanii barachuu (qoo’achuu) akka dandeessaniif barreeffamuusaa hubachuu isin barbaachisa. Akka nama qoo’atuuf mijatuttidha kan qophaa’e. naamusaan qayyabachuu muraasaan dhadhabbii fi rakkoo tokko malee barannucha qo’attanii xumuruu nidandeessu. Kana malees qo’annoon kun kan nama hawwatu ta’a. odeeffannoo haaraa irraa argattu. Barnootaa fi hubannoowwan haaraa argattan namootaaf qooduuf fedhiin isin keessatti uumama. Gaaffilee baay’ee cicimoo deebii barbaadan gaafattu.

Hiriyoota keessan muraasa isin waliin akka qoo’ataniif akka afeertan baay’ee jajjabeeffamtu. Isin yookaan michuun keessan hiriyoota (dachaa) lama yookaan sadii akka isin waliin qoo’ataniif gaafachuu dandeessu. Tarii gamoo jireenyaa (apartimantii) keessa jiraattu ta’ee nama (hiriya) akka isin waliin qoo’atuuf afeeruu dandeessu. Tariimmoo nama isin bakka hojiitti beektan Waaqayyo Macaafa Wqulqulluu keessatti maal akka jedhu akka baruuf afeeramuu danda’a. Yookaan miseensa waldaa tokkoo ykn waldaa tokko bakka barnootni itti kennamu beektu ta’ee-sagantichaan ammoo waan torbanicha keessatti barattan (hirmaattoonni) baratan irratti mariin ni geggeeffama yoo ta’e. Haala akkamii keessayyuu yoo jiraattan haala mijataa akka hiriyaatti isa barattan walii hirtanii waliin guddachuu dandeessanitti garee xiqqoo torbanitti al tokko walitti qabamu uumaa.

Namoonni garee qo'annaa keessanii keessaa, gareen keessan guddaas ta'e xinnoo, qo'annoo keessan nigabbisa akkuma isin kan isaanii gabbistan.

Amma jalqabuuf yeroon isaa amma! Macaafa qulqulluu keessan Seera Ba'uu 1 banaatii qo'annaan haa jalqabu.

Barannoo Tokko – Kutaa Iffaa

Seensa

Yeroon darbeera. Ilmaan Yaa'iqoob kudha lamaan maatii isaanii waliin Ijpt keessa nagaadhaan jiraataa turani. Yooseef inni gara Ijptitti isaan fidu du'uu wayita ga'u garuu gaaffiin inni dhumaa obbolota isaa gaafate dachee Ijpt gadhiisanii gara biyya Waaqayyo Abrahaamiif, Yisihaaqii fi Yaa'iqoobiif kakateetti wayita deebi'an lafee isaa fuudhanii akka deeman ture (Seera Uumamaa 50: 24 -25).

Mee takka keessa deebinee haa ilaallu...Waaqayyoo Israa'eliif lafa akkamii kennuuf akka kakate yaadachuu qabna. Lafa Ijpt isa isaan haala mijaa'aa keessa keessa jiraatan hin turre, bakka waan hundumtuu gaarii ture. Waaqayyoo dachee Ijpt sabi kun itti baqatee akka ooluuf qofa kenneefi yeroo bara beelaa. Lafti kakuu Kana'aan turte (Seera Uumamaa 17:8). Haata'u malee Ijptiin maatii isaanii fi beellada isaaniif gaarii ta'uu argani. Mamii tokko malee Ijptiin gadhiisanii ba'uudhaaf sababa hin-qabani bakka dhufanitti deebi'uudhaaf. Haata'u malee amma waggoota dhibba afuriin booda, yeroon itti gadhiisanii ba'an amma. Waaqayyo namoota gammadoo akkanaa akkamitti Ijptii baasee gara dachee isaanii kakateetti galcha?

Seerri Ba'uu guyyaa haaraa ta'uusaa ifa gochuun jalqaba. Labatni beela baqa Kana'aanii Ijptitti baqatee dhufe hundi du'aniiru. Mootiin Yooseefiin hin-beekne haaraan aangootti ba'eera. Waaqayyo akkuma kakateef, sanyii Abrahaam Saba Guddaa in taasise. "Sanyiin Israa'el warri achitti hafan wal in-horani, baay'atanii, gormuu baay'ifatanii guddaa jabaatanii biyyicha in-guutani". (Seera Ba'uu 1: 7) Sirriidha, Sabni Israa'el saba guddaa ta'eera! Dhugaadha baay'inni isaanii baay'ee baay'ateera hanga hoggansa Ijptiif yaaddoo ta'utti.

Seenichi kan jalqabu addanarraati.

HOJII MANAA: SEera ba'uu 1 dubbisaa.

SHAAKALA: Seera Ba'uu 1:8 irraa jalqabaa.

- Waa'ee mootii haaraa kanaa maal beekna?

- Yaaddoon isaa lakkoofsa 9 keessatti baarraa'ee jiru maalinni?

- Baay'inni Saba Israa'el maalif isa yaaddesse? (Lakkoofsa 10)

Jarri Ijpt warra Israa'el 'abshaalummaan' qabachuuf waliigalan (Lakkoofsa 10) Fari'oon inni haaraan maal gochuuf murteesse (Lakkoofsa 11)?

- _____
- _____
- _____

- Fari'oon Saba kana yoo hojii cimaa itti baay'isanii gadi isaan qaban bay'inni isaanii saffisaan akka hin-daballe yaade. Dubbiin garuu haala karoorfameen hintaane. Faallaasaa, Lakkoofsi 12 maal nutty hima?

-
- Sababa kanaan, Israa'elootni jara Ijptiin ni-jeeqaman. Amalli abshaalummaa fi gadi isaan qabuu jara Ijpt bu'uura kan hin-qabne ta'e (itti hammaatani) . Jechi itti hammaatan jedhu Lakkoofsa 13 fi 14 keessatti si'a lama caqasamuusaa qalbeeffadhu. Wayita kana Fari'oon maal akka hojjatan isaan godhe (Lakkoofsa 14)?

- _____
- _____

Haata'u malee, jireenyi hojii cimaa fi haalli itti isaan bulchan waanta Fari'oon qofti isaan irratti akka raawwatuuf kakaase miti. Lakkoofsa 15 -22 ilaalaa. Itti aansee maal raawwate?

- Deessistuu Ibrootaa maqaa dhahi _____
fi _____
- Maal itti hime?(lakkoofsa 16)

- _____
- _____
- Waa'ee deessistoota kanneenii maaltu nutti himame (lakkoofsa 17)?
- _____
- _____

- Fari'oon deessiftoota kanneen ofitti waamee maalif ajajasaaf akka hin-abbomamne isaan gaafate.

Deebiin isaan kennan maal ture (lakkoofsa 19)?

- Fari'oon irra Waaqayyoon waan sodaataniif Waaqayyo akkamitti isaan ilaale (lakkoofsa 20-21)? Waaqayyo maal akka uumamu taasise?

○ _____

○ _____

Fari'oon garuu kanaan akka dhaabbatu hi goone. Ajaja dhumaa inni saba isaa hundumaa ajaje maal ture (Laqkkoofsa 22)?

BARANNOO TOKKO – KUTAA 2ffaa

Yaada:

Lakkoofsonni muraasa Seera Ba'uu 1 keessaa diraamaa seenaa warra Ijptii fi Saba Israa'el jijjiiruuf daandii saaqa. Siihipraah fi Paah, HIn ta'u jedhani. Fari'ooniin mormani. Waaqayyoon sodaachuun isaanii mootichaaf akka hin-abboomamne isaan godhe. Kun gocha salphaa miti. Kan haalicha keessa ture isin utuu ta'ee akkam isinnitti fakkaata yeroo fudhadhaatii itti yaadaa. Dubartoonni kunniin hafuuraan guguddoo turani! Hojii dubartoota deessisuu (daa'imman simachuu) malee ajjeesuu hin turre hojiin isaanii. Yaada hamaa mootichaatti waliigalanii maatii Ibrootaa hin-goyyomsine.

HOJJA

Sifaaraah fi Paah yaada mootichaatti walii galuu dhuiisuunsanii, isaaf abboomamuu dhiisuunsanii sirriidhamoo sirrii miti jennee gaafachuu dandeenya. Osoo isaan bira hinga'inni ofiisaanii akka da'anitti itti himuun isa goyyomsani. Dhugaa dubbachuu dhiisuun yeroo itti eeyyamamu yoomi? Yeroon akkanaa jiraa?

Akka Siifraa fi Phuwaa murtichi Waaqayyoon abboomamuuudha namichaa abboomamuu manna. Haala itti ajaja darbe tokko mormite si quunnamee beekaa sababnisaas waanti ajajamte sun hariiroo Waaqayyo waliin qabdu waan balleessuuf ? Yeroo akkanaa yaadadhu:

- Eenyufaatu dhimmicha keessa ture?
-

- Ajaja sanaaf abboomamuu dhiisuu keetiif maaltu ta'e?

- Ajaja sana raawwattee akkasumas Waaqayyoof abboomamuu kee kan mul'isu furmaatni biraan jira turee? _____

- Namoonni baay'een beekanii waan raawwataniin miidhamaniiru. Tokko tokko hojiisaanii, aangoosaanii akkasumas bakkasaanii dhabaniiru. Maqaan isaanii badeera. Kun ammo Namoonni namarra Waaqayyoof abbomamuu fialchuu isaaniitiin addunyaa guutummaa keessatti dhiibbaa irra qaqqabu biratti wayita ilaalamu xiqqoodha. Namoonni tokko tokko gara jabummaatu irra qaqqaba, tokko tokko hanga lubbuusaanii dhabuu ga'u Yesuus Kirstoosiin Gooftaa waan taasifat taniif.

- Namarra Waaqayyoof abboomamuuuf kutannoon qabu hangami?

- _____

- Dhugaasaa dubbachuuf yeroon ani itti baay'ee rakkadhe yoomi, yeroon itti ani itti gaafatamummaan natty dhaga'ame, ejjannoo ifa ta'e yeroon itti qabadhe, mutoo ulfina qabu?

- Namoota warra kaan soda yeroon an itti of gaddisiise jiraa Waaqayyoon caalaa sodaachuu manna? Namoota gateeraa? Gaabbii kanaan maalan godha?

- Abdii tokkollee hin-qabnu jennee hin-amannu, yerooma soda keessa jirrutillee. Gooftaan amanamaadha. Jaallalli Isaa ol nu qaba abdiis nu kenna. Inni cubbuu keenya nuu dhiisa nu jabeessa deebinee akka dhaabbannuuf rakkoolee cimoo kaan keessatti.

Yaadanno

Efesoon 6: 10 -11, 13 fi 14 keessatti jabinni Gooftaa kan keenya akka ta'e, aangoonsaa guddichi karaa Yesuus kan keenya akka ta'e mirkaneessa.' Jabaadhu!' 'Dhaabbadhu!' luqqaasiiwwan kanneen kaardii baafataa irratti barreessi Isa booda sammuu keetti qabadhu carraa argattu gara fuul-duraatti waan siquunamu keessatti nama irra Waaqayyoof akka aboomamtu akka hidhattee kaatutti.

KADHANNAA:

O Gooftaa, waa'ee Siifraa fi Phaawaa dubbisee aangoon (humni) isaan keessatti yeroo sana hojjete amma na keessatti haa hojjatu. Jabina itti waanta sirrii raawwadhuuf jedhuuf sitti akkan of kennu na dandeessisi. Dubartoonni kunniin sitti amanatani. Sodaa jaalala kee keessa jiraatani kanaafis siif aboomamani. Anis sittan amana jireenya sitti amanuukoo mul'isus jiraachuu nan barbaada.

BARANNOO TOKKO – Kutaa 3ffaa

SEENSA:

Jijjiiramni uumamuun dirqama ta'e. Sabi Israa'el lafa Waaqayyo Abrahaamiif kakate ni dhaalu taanaan Ijptiin gadhiisanii ba'uutu irra jira. Haata'u malee, waanti hundumtuu gaarii ture. Hanga warri Israa'el baay'atanii Ijptiin guutanitti akkasumas Fari'oon inni Yoosefiin hin-beekne aangootti dhufee baay'achuu Saba Israa'el sodaatetti haalli gaarii ta'eema itti-fufe.

Jijjiiramni (sochiin) akka uumamuuf sabichi haala jireenya keessa jiraataa turee jibbuu qaba ture. Waita kana, mootiin inni haaraan abshaalummaan warra Israa'el bituu murteesse hoggantoota akka garbaatti isaan hojajchiisan akka malee isaan keessummeessan fi dhiibbaa irra qaqqabsiisan hojii itti cimsuun. Warri Ijibt saba Israa'el hin miidhan akka maleetti isaan in-bulchan hanga daa'imman dhiiraa Ibrootaa Laga Abbayyaa keessa buusanitti. Ajajni kun, boo'ichi guddaan akka dhaga'amu taasise. Seera Ba'uu 2 keessatti taatota muummee diraamaa seenaa kana keessaan wal-barra. Taatonni kunneen hundi wal-diddaa uumame keessatti gahee taphataniiru, isa Waaqayyo Saba isaa achii baasuuf baasees biyya aannaniif damma baafu Kana'aanitti isaan galchuuf haala mijeessuuf barbaade.

Hojii-manaa:

Seera ba'uu 2 dubbisi. Boqonnaa kana wayita dubbistu maqaa namoota achiratti caqafamanii dabtara yaadannoo keetii irratti qabadhu.

Shaakala:

Taatonni kunniin eenyu fa'i? Lakkoofsa 1 keessatti maatii Israa'el tokkoo sanyii Leewwii keessaa ta'een wal barra. Akka yaadatanitti Leewwiin ilma sadaffaa Yaa'iqoobiif Liyaa gidduutii dhalatedha (Seera Uumamaa 30: 34).

Seera ba'uu 2: 1-Namni tokko dubartii tokkoo fuudheera. Isheenis inulfoofta ilmas indeesse. Waanti adda ta'e hinjiru asitti. Seera Lakkoofsaa 26:59 ilaaliin:

o Maqaan abbichaa eenyu ture? _____

o Maqaan haadhaawoo eenyu ture? _____

- Haati mucaa kanaa yeroo ulfa taatee jirtutti mucaanshee durba akka taatuuf abdachaa yoo turte nu dhibuu danda'a. Haata'u malee garuu mucaa dhiiraa deesse. Garuu mucaan ishee dhiira ta'uusaatti gadduufi sodaachuurra, haati musee ilma ishee Musee wayita ilaaltu maal argite lakkoofsa 2 keessatti?

- Ji'oota hedduuf Jochebed mucicha doksuu dandeesseetti. Mucaashee Laga Abbaayyaaf laachuuf hinkaane. Kana caalaa dhoksuu wayita dadhabdetti maal goote?

_____ FAAYIDAARRA _____

Mudannoo biraa bidiruun xinnoo faayidaarra yeroo itti oole ni yaadattaa? Seera Uumamaa 6: 14 ilaali! geejiba bishaaniirra kana lamaan maaltu wal-fakkeessa?

Seera Ba'uu 2:4 keessatti obboleettiin isaa maal akka irra qaqqabu baruuf irraa fagaattee hordofti turte. Akka Lakkoofsa 26: 59 maqaan obboleettii isaa eenyu?

Lakkoofsa 5 keessatti intalli Fari'oonii fi durboonni isheedhaa ergaman dhiqachuuf Laga Abbaayyaatti gadi bu'an. Isheen wanta akka bidiruu sana in-argite. Maaltu uumame itti aanee?

Mucaa warra Ibrootaa ta'uu erga baranii, obboleettiin isaa Mariam intala Fari'oonitti in-siqxe. Mariam yaada maalii dhiheessiteef dubartittiidhaaf lakkoofsa 7 keessatti?

Kanaaf Miiriyaam deemtee Jochebeediin in waamte, ergasiis haati mucaa ilma ishee intala fari'oon harkaa in-fudhatte. Waa'ee kanaa xinnoo itti yaadi...

- Mucaa kee laga Abbaayyaa keessa buufamuurra deebi'ee yeroo sitti kennamu wayita argitu maal sitti dhaga'ama sanyii kee ta'ee amma garuu kan in tala Fari'oon kan isheedhaan eegamu yammuu ta'u?
-
-

- Sirriisaa hin beeknu garuu mucaan kun hanga waggaa afurii hanga ja'aa gidduu isaa ta'utti Joochebed bira akka ture ni tilmaamama. Haati mucaa kana wayita isa guddifte garamitti isa dhiibaa akka turte yaadaa, jireenya mana Fari'oon keessaaf isa qopheessaa. Dabbara yaadannoo keessanii irratti akka haadha qomoo Israa'elitti waanta mucaa keessan barsiisuu barbaaddan barreessaa.

YAADA:

Lakkoofsa 2 keessatti Jochebeed mucaashee ilaaltee ' bareedaa' ta'uusaa in argite. Maal ta'a laata kan isheen irratti argite? Haati tokko mucaa isheerratti kan argitu irraa adda kan ta'e argitee laata?

- Abbaa yookaan haadhadha yoo taate mucaa kee jaalalaa fi mararteedhaan ilaaltee beektaa akka inni/isheen mucaa bareedduu/daa taate? Yookaan ijikee haguugamee akka isheen/inni mucaa bareedduu taate/ta'e adda baafachuu dadhabdeetta?
-
-
-

Ofiikee akkamitti ilaalta? Ofiikee ija uumaan yeroo of ilaaltu mucaa gaarii taatee ofitti inmul'attaa? Inni fuulakee harkasaan qabee ijakee keessa si ilaalaa yeroo “Kankoo, yeroon si uume hojii gaariin hojjedhe!” yeroonni jedhu indhageessaa? Gammachuun isaa sitti dhaga'amaa, si uumuusaa yeroon jaju?

Macaafa Sefaaniyaa 3:17 kana nu yaadachiisa ...Inni ofirraa bu'ee sitti

_____jaalala isaatiinis gabii siif in kenna_____! Yaadi
mee!

KADHANNAA

Abbaa,harra naannookoo wayitan ilaalu namoota gara-garaa waliin wayitan wal-argu jireenya koo keessatti- barsiisota, miiltookoo, ijoollee, qaxartoota, akkasumas namoota qaxaramnani hojjatan, qondaaltota mootummaa, hojjattoota hawaasummaa – akkan akka ' mucaa gaariitti' isaan ilaalu na dandeessisi. Ofiikoo of ilaaliitti wayitan ilaalu darbees ofiigoo yeroon gadi of ilaalu jalqabu badii koo qofa ilaalu wayitan jalqabu ati akka natty gammaddu ati akka na mararfattu na yaadachiisi. Mucaa gaarii na gooteetta. Kan Keen a godhatteetta. Gammachuu fi galataan an soda tokko malee ajaa'ibaan uumamuukoof sin jajadha.

BARANNOO TOKKO - Kutaa 4ffaa

SHAAKALA:

Karoorri Jochebed hojjettera. Ilmi ishee balaarraa baraameera gara manaattis deebi'ee harka sheen guddateera. Sana booda yeroon itti mucaa kana gara intala Fari'oonitti geessitu in ga'e innis ilmashee inta'e.

- Lakkoofsa 10 keessatti jalqaba mucichaaf maqaan akka moggaa'e nutty himama. Intalli fari'oon amma mucaan kun kan kooti jetti. Maqaas moggasteettiifi. Maqaan isaa Museedha. Musee jechuun maal jechuudha?
-
-

Museen sanyii ibrootaa mana Ijpt keessatti guddatedha, mana warra Ijpt kamiyyuu keessatti miti. Masaraa Fari'oon keessatti guddate. Akka sanyii Ibrootaa keessaa ta'e beekee guddachuu akka hin oolle tilmaamuu ni dandeenya. Akka dargaggeessa tokkootti hojii cimaa warra Ibrootaarra ture sirriitti hubata ture. Gaaf tokko yeroo inni saba isaa ilaalaa turetti maaltu ta'e(Lakkoofsa 11-14)?

Gochasaa kana irraan kan ka'e maaltu uumame?

Sanyii isaarr a goree namicha sanyii Ijpt ajjeesuusaaf Fari'oon akka isa hin-ajjeesne sodaate, Museen maal godhe (lakkoofsa 15)?

Lakkoofsi 15 salphaamatti kaa'a: Museen isa jalaa gara Miidiyaanitti in-baqate, achi yammuu ga'es boolla bishaanii tokko cina in-taa'e jedha..Haata'u malee, gochoota sadna kana akka salphaatti hinilaallu.

1. Museen fari'oon jalaa in-baqate. " Museen fari'ooniif maalsaa ture? Mucaa kana akka ilama intalasaatti ilaalee hinguddisnee? Mana akaakayyuu dachee Ijpt keessatti angoo guddaa hunda caalu qabu keessatti guddachuu yaadaa. Namni akkanaa kun ammammoo deebi'ee isa ajjeessuuf yeroo yaalu arguun maal fakkaata?

2. Midiyaaniin dhaqe achi jiraachuuf. Midiyaan isaatti akka argamtu agrsiisi. Kaartaa yeroo sabi israa'el Ijptii ba'anii Kanaa'aniin dhaalan agarsiisu fayyadami.
- Locate the Nile Delta of Egypt, the land of Goshen, and Rameses. Kunis Museen imalasaa gara Midiyaanitti eessaa akka jalqabe yaada waliigalaa isinii kenna. Sana booda akka inni itti gara Kaabaatti socho'e , fiixee baha lixa Galaana Diimaa. Gara kibbaatti socho'uu itti fufi hanga gaara Sanayiitti (Sanai Peninsula). Gara bahaatti adeemii fiixee (finger) baha Galaana diimaa qaxxaamuri. Lafti gara bahaa jiru Miidiyaanidha. Karaa salphaan biraa hin jiru Midiyaaniin ga'uuf. Fageenyisaa dheeraadha. Gaarri Sanaayi imala kana dheeresseera akkasumas gammoojjiin dheeraan karicha ulfaataa taasisa. Hanga kana fagaatee deemuutu irra turee dheekkamsoo Fari'oon baqatee akka inni isa hin-ajjeesne baruuf? Maalif akka inni Midiyaaniin filate nutty hin-himanne. Maalif isinitti fakkaata kan inni achi filate?
-
-

3. “Boolla bishaanii bira taa'e” Boolla bishaanii kana akka bakka bishaanii gammoojji keessaatti fakkiisaa sammuutti yaaduu dandeenya. Bakka itti tiksooni dhufanii horii isaanii bishaan obaasanidha. Kanamalees, boalli bishaanii kun bakka naannuchi bishaan itti argatu waan ta'eef bakka hawaasni odeeffannoo wal-jijjiiruuf itti walitti qabamu ta'a. Seenichi boolla bishaanii bakka Museendeemsa karaa dheeraa fi dadhabsiisaa booda taa'ee itti boqotee ka'a.

- Museen achi wayita ture maaltu ta'e (Seera Ba'uu 2: 16 -17)
 - Bishaan waraabuu eenyutu dhufe?
-

- Abbaan isaanii eenyu?
-

- Bishaan maalif waraabu?
-

- Lakkoofsa 17 keessatti maaltu raawwate?
-

- Museen maal godhe?
-

- Obbolowwan durbaa kan yeroo kaanirra dafanii manatti deebi'an. Kun ammo abbaan isaanii Reuel gaaffii akka kaasu sababa ta'e. Waanta ta'e hundumaa itti himan, akka Museen tiksoota bishaanicha irraa isaan ari'atan irraa isaan oolchee hoolota isaanii bishaan obaase. Rehu'eel nama kanaan wal baruuf injarjare. Gaaffilee hunda qalbeeffadhu. Namni bakkicha dhufu baay'een akka hinturre yaaduu dandeenya kanaaf kanaaf dhufaatiin Musee eebba ture. Sirriitti ijoollee durbaa torba qabaatee namichi kun dargaggeessa kana arguusaaf akka jarjaru yaaduun hindhibu.

- Museen akkataa Rahu'eel itti isa keessummeesse jaallateera. Lakkoofsa 21-22 keessatti waan dabalataa maal barra?

- Maqaan haadha manaa isaa eenyu?
-

Maqaan ilmasaa eenyu , hiikni isaa woo? _____

kanaaf Museen Midiyaan keessa tiksee ta'ee waggoota afurtamaaf jiraate (Hojii Ergamootaa 7:30) .

- Wayituma kana, Ijiptitti...Seera Ba'uu 2:23 -25 keessatti maal barra?

Mootii ijpt kanarra maaltu qaqqaba? Fari'oonirra? Akaakayyuu Museerra?

Saba Israa'el akkam ta'ani?

WAA'EE WAAQAYYOO WAAN BARANNU:

- Wawwaannaa isaanii _____
- Kakuu Isaa _____
- Saba Israa'el _____
- Waa'ee isaanii _____

Gochoota waaqayyoo arfan kanaarratti hundaa'uun Waaqayyoon akkamitti akka ilaaltuu fi beektu ibsi. Waaqayyo wawwaanna kee, gaddakee, miidhama kee akkanni dhaga'u niammantaa. Inni kakuu siif gale akka yaadatu ni-amantaa? Haala ati amma keessa jirtu akka inni argu akka si ilaalaa jiru beektaa amalakee waliin ba'a keef gala kee hundumaa? Inni akkanni waa'ee kee dhimmamu beektee jiraataa jirtaa, waa'ee miira gaabbii keessa jirtuu, gatamuu fi hariiroo nama waliin qabdu addaa cite akkanni dhimmamu?

Waaqayyo inni si uume wawwaannaa kee dhaga'uusaa, isa siif kakate yaadachuunsaa akka mucaasaatti si ilaalluusaa fi waa'eekee akkanni dhimmamu beekuunkee fi amanuunkee garaagarummaa akkamii qaba jireenya kee keessatti?

KADHANNAA:

Jechoota mataa keetiin Waaqayyo abbaakeetti akka abbakee isa dhaga'uutti, yaadatuutti, isa waa'eekee humdumaatti siif dhimmamuutti itti haasa'i.

BARANNOO TOKKO – Kutaa 5ffaa

SEENSA:

Amma waanti hundumtuu bakka bakkatti gala akka jiru nuu gala dhufeera. Taatonni adda baafamaniiru. Sabni Israa’el Cunqurfamaniiru. Wawwaachaa fi boo’aa jiru waan addaa tokko akka ta’uuf qophiidha. Waaqayyo akka isaan baraaruu ol isatti iyyataniiru.

Wawwaannaa isaanii boo’icha isaanii fi iyya isaanii dhaga’eera. Waaqayyo kakuu isaanii kakate yaadate; sabasaa filate dhimmamee isaan ilkaaleera; mararfatee isaan ilaaleera.

Amma yeroon kan raawwiiti.

YAADA:

Waaqayyo maalif wayituma sana aangoosaa fayyadamee Saba Israa’el gabrummaa jala turanii akka isaan hin-baafne nudhibuu danda’a. Maalif battaluma sana akka isaan hinoolchine? Boo’icha isaanii dhaga’eera taanaan, haala isaaniis argeera taanaan maalif raajii tokko uumee yookaan jecha raajii tokko dubbatee waan hundumaa gaariitti hin-jijjiirre? Hiika nikennaafii akkas gochuun Isaaf? Hariiroo warraa fi ijoollee gidduu ilaalaa, fakkeenyaaf. Daa’ima tokko haala rakkisaa yookaan hin-mijanne tokko keessaa oolchuun yeroo mara waan gochuuf mijataa ta’edhaa? Sababa gocha akkanaa daa’imni osoo hinbaratin kan hafu maali (fa’i)?

Waantota nuti yeroo rakkoo keessa jirru barre keessaa muraasni maal fa’i?

Karaa amalli itti ijaaramu keessaa fakkeenya kan ta’an maal fa’i?

(What might be examples of ways character is developed?)

Sabni Israa’el iniiyanni Gooftaanis iyyasaanii in-dhaga’e. Waaqayyo sanyiin isaa irra maal akka qaqqabu Abrahaamitti hime Seera Uumamaa 15:13 keessatti? Gabrummaa jala hangamiif jiraatu? _____ Yaadadhaa erga yeroo yaa’iqoobii fi ilamaan isaa kudha lamaanii labatni hedduun darbaniiru. Hariiroon Waaqayyo waliin

qaban akka yeroo bara abbootii isaanii miti hir'ateera. Hariiroon Waaqayyoo fi Saba isaa gidduu guddachuutu irra ture. Isa baruutu irra ture, eenyu akkanni ture, isaan irraammoo maal akka irraa eegu. Inni Waaqa isaanii akka ta'u waadaa seeneeraafi; haata'u malee, hariiroon isaanii hangam akka ta'e baruutu irra ture. Amanamummaan isaa hangam akka ta'e baruutu irra ture. Abboomamuu baruutu irra ture. Waantota kaan raawwatamuu qaban turan maal fa'i?

Sabni Israa'el gara dachee kana'aanitti osoo hin-deebi'in lafichas osoo hindhaalin dura Waaqayyoo maalfaa lajjala sirreessuu (qopheessuu) barbaade?
Isaan saba cimaa akka ta'aniif maal gaafata, saba laficharra jiraniin akka sodaatamaniif?
Deemsichaaf jabaachuu qabu turani gara kana'aanitti wayita qajeelan waan daandiirratti isaan quunnamu hundumaaf.

KADHANNAA:

An yeroo baay'ee karaa salphaan barbaada. Itti bulmaata (discipline) fi mijachuu dhiisuu hinfedhu. Yeroo rakkoo keessaa obsa dhabuukoorraan kan ka'e ati naawajjin hojjataa akka jirtu nan irraanfadha. Ati amalakee na keessatti akka ijaartu nan barbaada.
Amalli tokko wayita ijaaramu salphaamatti akka hintaane akkasa yeroon gara keetti akkan garagalu dirqisiifamuu fi akkasa yeroo ati amanamummaan jireenya koo keessatti argamuukee irratti xiyyeeffadhuu akka hintaane akka hubadhuu fi fudhadhuuf na dadeessisi. Hundumaa ol, Gooftaa, hariiroon si waliin qabu hundumaatii ol baay'ee waan murteessaa akka ta'e akkan hubadhu na barsiisi. Waanti na mudatu kamiyyuu gaariif akkati naqaf gootuu fi nageenya jarreen kaaniif akkati raawwatu amanee akkan fuldurratti tarkaanfadhu nagargaari.

BARANNOO LAMA – Kutaa 1ffaa

Hojii -manaa:

Namoonni baay'een seenaa Musee fi waa'ee ibbidha huxxii qoraattii keessaa boba'ee dhaga'aniiru. Seenichi Seera ba'uu 3-4 : 17tti galmaa'ee jira. Guutummaa seenichaa yeroo fudhadhuu dubbisi. Qo'annoo keenya kanaan baay'ee keessa seennee hin ilaallu sababa qo'annoon keenya bal'aa ta'eef; haata'u malee, qo'annoo kee akka itti fuftu gaaffii si keessatti uumames dabtara yaadannoo kee irratti qabachaa akka deemtu jajjabeeffamta. Gaaffilee fi ilaalchikee kunniinis nama isin qo'achiisu, hiriya, luba, yookaan barsiisaa macaafa qulqulluu waldaa kee keessaa yookaan waldaa sitti dhihoo waliin irratti mari'achuu (walii hiruu) nidanda'ama.

SHAAKALA:

Museen abbaa haadha manaa (abbiyyuu) isaatiif tiksee ta'ee hojjachuunsaa nutti himameera. Gaaf tokko hoolota tiksuu nannoo gaara Hooreeb ol ba'a yookaan Gaara Sanaay akka dheedan taasisa. Gaarri Sanaay mana isaarra baay'ee hin-fagaatu. Kaartaa kee irratti ammas, Midiyaaniin, Peenisullaa Sanaay, Gaara Sanaayii (Gaara Hooreeb) agarsiisi.

- Museen lakkoofsa 2 fi 3 keessatti maal arge?
-
-

Huuxiin qoraattii (daggalli) gammoojjii keessatti boba'uun waanta amaleeffatame miti. Biqiltuu creosote tutu kanaan beekamaadha.

- Waa'ee mudannoo kanaa waanti hinamaleef

Atamne haaraa ta'e maalinnuu (lakkoofsa 2)?

- Huuxxii qoraattii sana keessaa Museetti eenyutu mul'ate?
-

Ergamaan Gooftaa kun eenyu ture? Aggaar Saaraa baqattee wayita bade gammoojjii keessa naannoo burqituu bishaanii tokkotti yeroo argamte ergamaan Gooftaa ishee geggeesse (Seera Uumamaa 16: 7-10). Lakkoofsota muraasa Seera Ba'uu 3 keessatti waa'ee ergamaa kanaa kana caalaa ni barra.

- Huuxxiin qoraattiin kun osoo boba'uu maalif akka hin-gubanne baruuf, Museen itti hiiqe. Akka Museen huuxxii qoraattii kana qorachuuf itti hiiqetti (lakkoofsa 4) huuxxii qoraattii sana keessaa eenyutu isa waame?

-
- Waaqayyo huuxxii qoraattii sana keessaa maal jedhee waame?

-
- Deebiin Musee maal ture?

-
- Waaqayyo maal akkanni raawwatu isa ajaje Lakkoofsa 5 keessatti?

-
- Lakkoofsa 6 keessatti Waaqayyo ofiisaa eenyu ofiin jedhe? Museetti akkamitti of beeksise?

-
- Sirriitti, Museen eenyu akkanni ture beeka ture. Deebiin Musee battala sanattii maal ture?
-

- Museen warra Ijpt biratti guddatee leenji'ee baratee akkamitti waa'ee Waaqayyoo beekuu danda'a? Intalli Fari'oon duudhaa saba inni keessaa argamee isa barsiifteetti jettee yaaddaa?

-
- Gooftaan qaphxilee karoorasaa muummee sadii itti hime:

1. lakkooifsa 7: Waan argee fi dhaga'e?

2. Waa'ee maalii akka dhimmamu?

3. Maal raawwachuuf akka murteesse?

Karoorri isaan oolchuu kun _____ keessaa isaa baasuu fi gara

_____ isaan
galchuudha.

- Sana booda lakkoofsa 9-19 keessatti Waaqayyoo akkana jedha boo'ichicha waan dhaga'ee fi cunqursaa isaan jala jiran waan argeef , eenyutu Ijpt keessaa isaan baasuuf jira?
-

YAADA:

Bakka musee buunee wayita ilaallu waaqayyo “ Musee ati nama koo sana!” yeroonni ittiin maal itti akka dhaga’ amuu danda’u yaaduu dandeenya. Waaqayyo yeroo inni “duumessa keessaan nana dhufa warra Ijpt nan balleessaa sabakoos Lafa kakuu akka dhaalaniif bilisa isaan nan baasa” jedhu hin-dhageenye. Tarii Museen akka inni akkana jedhutti yaade ta’a , akkanni jechuu qabuttis, garuu, waan inni na raawwadha jedheen tokko miti! Museen hanga kutaa dhumaatti Waan waaqayyo dubbatetti waliigaluuf rakkachuusaa isinitti dhaga’amaa?

Ammas Waaqayyo maalif waanta hundasaa ofiisaa akka hin-raawwanne nudhibuu danda’a. Waan hundumaa salphaamatti raawwachuu danda’a ture. Inni akkuma nuti isa beeknutti uumaa samiitiif lafaa erga ta’ee maalifa waan ofii uume fayyadamuu filate Saba Israa’eliin gabrummaa Ijpt jalaa baasuuf?

BARANNOO LAMA – Kutaa 2ffaa

Yaada dabalataa

Seenichatti seenuun dura waan baranne irratti yaada kennuu qabna. Waaqayyo akkana jedhe “ Dhaqi ani si ergaan jira...” Museen akkana jedhe “ ANi dhaquudhaaf ani eenyu...” Waaqayyos lakkoofsa 12 keessatti akkana jedhe “ Ani si waliin nan ta’a” Museen maal akkanni jedhu eegna? “ tole nan dhaqa. Hamman hoolota kanneen gara Midiyaanitti deebisutti carraa naaf kenni.” Akka Waaqayyootti Museen hojii ajajame raawwachuuf maal qofa beeku qaba ture?

Shakkii fi gaaffilee saffisa hamamii giduutti sammusaatti dhufan? “ Ani dhaquuf eenyu?” “ “ Ani yoon deeme, warri Israa’el eenyu akka na erge in gaafatu” “ animmoo hin beeku. Akkan yaadutti nama dogoggoraa filatte. Ergan achii ba’ee waggaa 40. Amma Fari’oon haaraatu jira. Uummanni nah in-beekani. ” “ Maalif uummata hundumaa keessaa anaan na filatte”. “Deemuutu narra jiraa?”

Haala kanaan wal fakkaatu si quunamee beeku niyaadattaa? Hojii wayii ajajamtee humna keetii ol akka ta’etti sitti dhaga’amee beekaa?

Gaaffilee akkamii gaafatte? Gaaffilee mirkaneeffannaa turanii? Yookaan gaaffilee tarii ati hojichaaf nama sirriimoo miti jedhu gaafatan turan?

Hojii wal-fakkaataa Waaqayyo har’a ajaju maal fa’i?

BARSIIISA:

Kiristiyaanni hundi Waaqayyoo biraa waamicha qaba. Cuubbaa keessatti Waaqayyoo nama isa cuubamu sana mucaakooti jedha. Ijoolleensaa jireenya kam keessattuu isa bakka bu'uuf itti gaafatamummaan irra jira. Nama tokko yeroo waamu waamichisaa akka abbaa amanamaatti waanuma amaleeffatamee wal-fakkaachuu danda'a.??? Kanarraa ka'uun , haalota kanneen keessatti abboomamuu keessatti wal'aansoo jiran yaadi.???

YAADNI ITTI FUFU

Akkati deemtuuf inni si waamee murteessuuf wal'aansoo keessa galtee beektaa?

Tarii nama mana-yaalaa keessa jiru tokko yookaan nama qofaa ta'e tokko dhaqqee akka ilaaltuuf waamamtee ta'a

Tarii nama sammuutti si dhufe tokkoof bilbiluu ta'uu danda'a, yookaan tarii maatii kee akka tajaajiltuuf waamamtee yookaan hojii tokko hoggantee (iddoo hoggansaarra teessee) akka hojjachiiftuuf waamamtee ta'a, tarii warra mana hinqabne harka qalleeyyii akka soortuuf waamamtee ta'a...tarii warra harka qalleeyyiif mana keessa jiraatan akka arjoomtuuf waamamtee ta'a...

Deebiin kee maal ta'a? Gaafatteettaa "Maalif ana?" "Yookaan Ani eenyu?" Yookaan "Eenyutu na ergen jedha?" jettee? Gaaffilee kanneen akkamitti deebiste?

Gaaffileen dabalataa gaafatamuu malan kaan maal fa'i?

SHAAKALA:

Kanaaf Waaqayyo gaaffilee Musee deebisuu jalqabe Haata’u malee, inni tasa yaadasaa hinjijjiirratu. Museen inuma deema!

- Museen warra Israa’elitti maal hima? EEnyu akka isa erge? Maqaan Isaa eenyu akka ta’e?
-
-

- Waan biraa inni jedhu lakkoofsa 15 keessatti ibsame maalinni?
-
-

- Qajeelfamni Waaqayyo Museef kenne jalqabaa jaarsolii akka inni walitti qabu ture!Maal akka isaanitti himu isa ajaje (lakkoofsa 16)?
-
-

- Waan Waaqayyo itti aansee raawwatu qalbeeffadhu (lakkoofsa 16 -17). Saba isaarra waan qaqqabaa jiru akka beeku itti hima, akkamitti bulchamaa akka jiran, akka gadda isaanii kana keessaa ammoo isaan baasu waadaa seenaafi.

- Gooftaan lakkoofsota itti aanan baay'ee keessatti (Seera Ba’uu 3: 18 -22) Museetti seenaa isa hafe itti hima. Museen akka eegu kan Waaqayyo itti hime maal fa’i?

- _____
- _____
- _____
- _____

BARANNOO LAMA – Kutaa 3ffaa

WAA’EE WAAQAYYOO WAAN BARANNU:

SEera Ba’uu 4 tti osoo hin-ce’in dura Boqonnaan 3 waa’ee waaqayyoo maal akka nu barsiisu haa ilaallu. Namoonni tokko tokko waaqayyoo uumama irraa akka fagoo fagaatee jiru amanu. Inni dhuguma waan uume fi uummata uumef indhimmamma taanaan kana caalaatti akka isaan eegu amanu. Qorannoo mata duree *Karo ora Waaqayyoo, Filannoo Keenya* jedhu keessatti cubbuun hangam badii akka fidu, biyya lafaas akka balleesse barreerra. Boqonnaa 3 keessa dhimmaamuu, mararfachuu fi hariiroo Gooftaan sabasaatti agarsiise barbaadii qalbeeffadhu.

Baafata	Hariiroo Waaqayyoo saba Isaa waliinii
Seera Ba’uu 3:4	Waaqayyoo gara dhala namaaatti gadi dhufe. Musee maqaa isaatiin waame.
Seera Ba’uu 3:6	Waaqayyoo ofiisaa museetti of beeksise
Seera Ba’uu 3:7	
Seera Ba’uu 3: 8	
Seera Ba’uu 3: 9	
Seera Ba’uu 3: 10	
Seera Ba’uu 3: 12	
Seera Ba’uu 3: 14, 15	

Waaqayyoo uumama isaa waliin fi warra isa akka Waaqasaanii fi Abbaa isaaniitti isa beekanii waliin hariiroo cimaa qaba. Yohaannis 15: 14 -15 keessatti Yesuus waa’ee hiriyootaa haasa’a. Bartootasaa firootakoo jedhee waamaakkas jedha,” Firootakoo (hiriyootakoo) jedhee isinan waama, waan

”

Lakkoofsa 16 -22tti hariiroo Waaqayyoo Musee waliin ijaaraa jiru ni argitaa? Waaqayyoo waan ta’uuf jiru Musee beeksisaa jira. Waanta namoonni kaan hin-beekne inni Isatti

mul'isaa jira. MUsee hiriyaakoo (firakoo) jedhee waamaa jira sababni isaas Waaqayyo Museetti waa'ee hojii mataa isaa itti himaa jira waan ta'eef.

Waaqayyo baay'ee fagoo, kan hin-dhimmamne addunyaa isaarraa fedhii dhabeeraa, saba Isaarraa, uumama Isaa irraa? Waa'ee hariiroo inni si waliin barbaaduu maal beekta? Waa'ee kee in-dhimmama. Isa akka firakeetti (Hiriyaa keetiitti) akkati isa ilaaltu barbaada akka hiriyaa waa'ee dhimmasaa sitti himachuu barbaaduutti. Hiriyummaan keessan akkami? Amantiidhaan hiriyaa isaa (firasaa) taateettaa, Yesuusiin akka Gooftaa fi Fayisaa lubbuu keetitti bartee?

Kadhannaa:

O Gooftaa, Siin akka Waaqaa fi abbaa waa'ee koo dhimmamuu, ana waliin hariiroo cimaa qabutti si ilaalaan jira. Waan uumte hin gatne garuu jaalalaan fi dhimmamuun eegde. Dhala namaa hundumaaf iddoo addaa qabda- gurraacha adiif, soorssa hiyyeessaaf, ijoolleef nama guddaaf. Museetyi gadi buutee boba'aa huuxxee qoraattii keessaan itti mul'atte. Naannooke mara qulqulleessite ta'us Musee maqaadhaan waamte ofiikees maqaadhaan ofiikee of itti beeksifte. Hiriyoonni (firoonni) akkana godhu. Akkasumas hiriyoonni waay'ee karoorasaanii walitti himu. Sodaa, yaaddoo fi waan isaan dhiphisu isaanii walitti himu. Ati fi Museen hariiroo waaraa jalqabdani gammoojjii keessatti. Gooftaa anis si waliin hariiroo sirrii qabaachuun barbaada. Hiriyaa kee (firakee) ta'uun barbaada siin hiriyaakoo jedhee akkan si waamuu danda'u baruu. Akkan gara Yesuusiin beekuutti yeroon dhufu hariiroon keenya haa guddatu an kanan sitti firoome karaa isaa(isa keessaan) waan ta'eef.

BARANNOO LAMA- KUtaa 4ffaa

Hojii Mana:

Seera Ba'uu 4 dubbisi. Haasaan Musee fi Gooftaa gidduu itti fufa.

SHAAKALA:

Museen gaaffilee gaafachuu itti fufe. Waaqayyo sabni Israa'el Museen Isaan akka ergame akka amananiif Museen mallattoolee lama akka fayyadamuuf isaaf kenne.

Mallattoon inni jalqabaa Seera ba'uu 4 1-5 keessa jiru maali?

Mallattoon inni lammataa inni kenne Seera ba'uu 4: 6 -8 keessaa maali?

Isa booda Waaqayyo mallattoo sadaffaa kenneef tarii yoo malalattoolee lamaan amanuu baatan jecha. Museen maal akka hojjatu itti hime (lakkoofsa 9)

Museen amma isaa galeera fudhateera jettanii yaaddu ta'a, inni garuu sodaasaa fi dhadhabbiisaatiin ofiisaa of madaalee akka hin-dandeenye itti dhaga'amaa jira. Waaqayyo waan Museen raawwachuu hin-dandeenye isa dhibaa? Moo caalaa waan karaa Musee raawwachuu barbaade caalaa ilaala?

Sababni biraa Museen dhiheesse maali Seera Ba'uu 4: 10 keessatti?_____

Waaqayyo akkamiin deebii itti kenne lakkoofsa 11 keessatti?

Hanga kanatti Waaqayyoo baay'ee akka obse isanni Musee hubate itti waliigaltaa?

Waaqayyoo haala namaa akka cubbamaatti nibeeka ni hubatas. Waaqayyoo haala namaa haa beekuuyyuu malee nama saba isaa gabrummaa jalaa baasuuf jiru lakki jedhee akka inni didu hin-taasisu. Ta'us Museen Seera Ba'uu 4: 13 keessatti maal jedhe?

Inni hojjachuu hin barbaanne. Wayita kana dheekkamsi Waaqayyoo Museerratti in-boba'e. Waaqayyoo Museen isa ajajame hinraawwadhu jechuusaatiin hinmoo'amne. He already has certain pieces falling into place. What are they? (lakkoofsa 14)

- _____
- _____
- _____
- _____

Akkasumas, lakkoofsa 15 keessatti Gooftaan akkana jedha “Ati...”

- Eeyyee Musee ati isatti in-dubbatta, dubbicha afaan isaa keessa in keessa.

Innis “tole...” in jedha...

- Eeyyee Musee lachan keessan akka isin haasoftan isinan gargaara, maal akka gootanis isinan barsiisa.

Innis in jedha 'Aroon...'

- Eeyyee Musee Aroon namootatti sii in haasa'a, akka afaankee ta'ee akkasumas akka ati isaaf Waaqa taateetti.

Dhimmichi cufame!

Sana booda Waaqayyo muse ajaja dhumaa kenneefi utuu bakka qulqulluu kanaa hindeemin. Seera Ba'uu 4: 17 keessa maaltu jira?

Maal of faana fuudhee akka adeemu abboome?

Waanti inni fuudhee ka'e kun Musee akkamitti tajaajila?

Qo'annoo keenya keessatti yeroo itti Museen mi'a wanta akna itti fayyadamu ni ilaalla. Saba Waaqayyoo warra ta'aniif mi'a surraa fi araaraa ture. Warra saba Isaa hin-ta'iniif ammo mi'a murtoo ture.

Ati gaazexeessaa/ gaazexeessituu Aleeksaandariyaa Taayimsii gabaastu seenaa namatti tolu barabbaduuf baate osoo taatee gaaffiif deebii ati Musee waliin taasiftu maalfaa of keessatti haammata ture? fakkii akkamii akkanni qabatee ba'u goota gabaasniikee? Mata duree akkamii kennitaaf?

BARANNOO LAMA- KUTAA 5ffaa

HOJII MANAA: Seera Ba'uu 4:18-23, 4: 27 -31 dubbisi

SEENSA:

Museen achi deebi'ee gara Abbiyyuu isaatti in-deebi'e Miidiyaanitti Gaara Horeebiin dhiisee bakka itti hoolota kunuunsaa ture. Haadha manaa isaa Zippooraah fi ilmaan isaa dhiisee tiksummaaf ba'ee bakka turee waamicha Waaqayyoo "Saba Israa'el Ijpt keessaa baasta" ittiin jedhe qabatee gara manaatti deebi'e. Gara manaatti yeroo deebi'u daandiirra wayita jiru sana yaadisaa maal ta'a laata? Abbiyyuu isaa Jetroo (RUheelitti) maal himuuf jedha laata? Haadha manaa isaa Zippooraahitti ishee fi ilmaansaanii waan beekan hundumaa dhisanii isa waliin gara Ijptitti akka qajeelan gaaffilee deebii hin-arganne qabatanii waa tokko gara hinbeeknetti akka adeeman akkamitti ibsuufiif jira? Yaadni isaa jireenya yeroo ijoolummaa isaa mana Fari'oonitti dabarses of keessaa qabaachuu hi oolu. Wayita kana inni nama ga'eessa. Waggaa saddeettama. Miidiyaan keessa waggaa afurtamaaf jiraateera Dachee Sanaay bareera bakka hoolota deedichaaf itti bobbaasu. Waaqayyo muuxannoo fi carraa jireenyaa bal'aa kenneerraafi. Ijpt keessatti bay'ee jajamaa isa jedhamuun leenji'eera barateera. Akka sanyii Ibrootaa keessaa nama ba'e tokootti duudhsaa isaa ni hubata, sabnisaa yeroo cunqurfaman akka malee garbummaatti wayita bitaman argeera. Lafa saba Waaqayyoo irra qajeelchuuf jiru gara biyya kakuuttiwayita imalan irra deeman keessa jiraateera. Akka tiksee tokkootti hoolotni marega magariisaa fi bishaan qabana bakka argamuu akka beekan hubateera. Muuxannoonni argate kun amrti waamicha Waaqayyoo gara Fari'oon dhaqee 'Saba Israa'el Ijpt keessaa akka baasuuf' isa waameef isa qopheesseera.

SHAAKALA:

Museen Midiyaanitti yeroo deebi'e gara eenyuu dhaqe (lakkoofsa 18)?

Maal gaafate?

Lakkoofsa 19 keessatti Waaqayyo Museef odeeffannoo akkamii kennaafi?

Kanaaf, Musee fi maatiinsaa gara Ijptitti deebi'an. Akkuma Waaqayyo isa abboome Museen harkasaatti _____ qabatee indhaqe (Lakkoofsa 20)

Karaa kana keessatti bakka tokkotti Waaqayyo Museef qajeelfama kenna. Museen Fari'oon maal gochuuf akka jedhu akka baru barbaade, akkasumas Museen akka itti deebisu Waaqayyo barbaade. Lakkoofsa 21-23 dubbisi. Museen gara Ijptitti wayita deebi'u maal hojjata?

Garuu, garaan fari'oon maal ta'a?

Sana booda Waaqayyo Museetti Fari'ooniin maal akka jedhu itti hime?

“Israa’el _____ ... ilmakoo kadhiisi, kanaaf _____.”

Haata'u malee, fari'oon Israa'eliin (Ilma hangafaa Waaqayyoo) gadhiisuuf tole hinjenne; kanaaf Waaqayyo maal gochuuf jira?

Aaroon obboleessa hangafa Museeti. Waaqayyo Aroonin maal ajaje (Seera Ba'uu 2:27)?

o gara gaara Waaqayyootti (Gaara Sanaayitti, Gaara Hooreebitti) ol ba'ee Museen wal arge. Wal arguu akkamiiti? Erga wal-arganii yeroo hammamii ta'eera? Waggaa 40?

o Museen Haaron waliin waa'ee maalii dubbate (Lakkoofsa 28) ?

Waliin ta'uun Musee fi Aroon jaarsolii Saba Israa'elitti in-haasa'ani

o Dubbi-himaan eenyu ture? _____(lakkoofta 30)

o Mallattoolee akkamii agrsiise?

o Deebiin Uummataa maal ture (Lakkoofta 31)?

KADHANNAA:

O Gooftaa, al-takka takka hojii tokkoof itti gaafatamummaansaa hundi kankoo akka ta'e natty dhaga'ama kanaafis nan dhiphadha. Ati Museedhaaf Arooniin qopheessite isa akka gargaaruuf akka isa jajjabeessuuf. Anaafis akkanuma raawwata. Maatii fi hiriyoota, namoota najajjabeessan waldaa keessaa keessumaa yeroo jireenyi natty cimutti na jajjabeessanii fin a gargaaran waan naaf kenniteef galatoomi. Ati karasaanii natti mul'atta. Argamuunkee karaa jechoota isaanii fi hojii isaanii gaarummaa mirkanaa'eera. Yeroo rakkootti kanneen kaan akkan gargaaruuf jajjabeessu na dandeessisi yeroo gamamachuusaanittis akkan waliin ta'u. Sababni isaas bakka lama yookaan sadii taanee walitti qabanetti ati akka achitti argamtu beeknawoo!

BARANNOO SADI – Kutaa Iffaa

Hojii Manaa : SEera Ba’uu 5 dubbisi

BARSIIISA:

Yeroon isaa ga’eera. Musee fi Aroon Fari’ooniin fuulaa fulatti qunnamaniiru. `Ofii maal akka barbaadan itti hin-himne, garuu Waaqayyo, Waaqni Israa’el maal akka ajaje itti himani. Haata’u malee, Fari’oon fedhii xiqqooseellee hin argisiifne. Hin-qoose Gooftichi an akkan isaaf abboomamuuf eenyu? Jedhe. “ Goofticha hin beeku saba Israa’elis hin-gadhiisu” jedhe. Fari’ooniif namoonni kunniin obbolotuma Sabni Israa’el hojiisaanii akka hin-hojjenne dhorkanidha. Wal-dhabbiin sarara dhumaarra ga’eera. Kun loladha. Waaqayyo bulchitoota IJibt (saba Israa’el akka garbaatti bulchan) jalaa cunkursaa isaanii jalaa saba Isaa baasuuf jedha. Jalqabatti kan wal lolan Musee fi fari’oon fakkaachuu danda’a. Dhugaan isaa garuu Eenyufaadha humnoonni faalla lamaan?

Seera Uumamaa 3:14 -15 _____ fi _____

Erga Edanii waanti jijjiirame jiraa?

Lolichi lubbuu dhala namaa irratti. Fari’oon Waaqayyoon ulfinas dhowwachuunsaa sirriitti mul’ata. Isa hin bkuu akkasumas Isaaf abboomamuuf hin barbaachisu. Gooftaaf iddoo waan hin-knninef rgamoota Gooftaa isa fuul dura dhaabbatanii jiraniif , Musee fi Arooniif , iddoo hin kennu.

Ammas, fari’oon Saba Israa’el akka gadhiisuuf itti himame.

Barbaachisummaan imala (adeemsa) gammoojjii keessaa maali?

kana males hin deeman taanaan Fari’oonitti maal himani Ibrootarra waan qaqqabuu danda’u (Lakkoofsa 3)?

SHAAKALA:

Mudannoon jalqabaa gaariitti waan raawwate hin fakkaatu. Lakkoofsa 4 fi 5 keessatti Fari'oon yaada isaarra kan socho'u hin taane kanaaf ammo yaadni Musee fi Aroon Sabi Israa'el gara gammoojjiitti ba'anii akka waaqessaniif gaafatan amansiisaa hin taane. Amma eenyutu humna caale? Isa booda Mootiin Ijpt itti aansuun maal godhe?

Lakkoofsa 6, 7: Ajaji Fari'oon hoggantoota garbootaaf dabarse maal ture?

Hoggantoonni garbootaa geggeessitoota isaanirratti in-muudan (lakkoofsa 14 ilaali)

Lakkoofsa 8: Ajaji Fari'oon akkamitti humna hojjatu akkamitti dhiibbaa irratti qabaata?

Fari'oon Saba Israa'el akkamitti ilaale? Sababni isaan ba'anii waaqasaanniif aarsaa dhiheessuu barbaadaniif maalidha jedhe?

humna hojii kana too'achuuf amla inni itti fayyadame maali?

Namoota namoota haala itti keessummeessan irratti yaada wal-fakkaataa qaban jaarraa keessa jirru keessaa yaadaa. Dhiibbaa amma namoota beektan irra qaqqabaa jiru fakkeenya kennaa. Eenyu namoonni kunniin? Haalli isaan keessa jiran maali (akkami)?

Lakkoofsa 10 keessatti geggeessitoonni maal uummatatti himani?

Cidiin hin jiru. Hojiin in cime. Geggeessitoonni Ibroota (Saba Israa'el) hanga akka hojjataniif itti murame akka hojjataniif in-cinqani. Yeroo isaan hamma itti murame sana hin hojjenne dursitoonni Israa'el in rukutamu (reebamu) turani (Lakkoofsa 14)

Kanaaf, Dursitoonni kunniin Fari'oonitti iyyachuu in-dhaqani. Lakkoofsa 15 keessatti maal gaafatani?

Waanti akka ta'uuf eegame maal ture?

Debiin Fari'oon maal ta'e?

Yaadasaa jijjiireeraa?

Cidiin osoo hin dhihaatiniif xuuphii hanga akka hojjataniif itti murame akka hojjatan irraa eeguu itti fufe.

Yeroo akkanaa ibsuuf gaaleewwan gara-garaa fayyadamna. Kan akka “ abiddichi ittumaa hoo'e” yookaan “ Ibidicha eenyutu qabsiise?” yookaan “ gubaa abiddaa hin dandeessu taanaan kushinaa keessaa ba'I” yookaan “ al takka takka haalli salphachuu isaan dura ni cima. Jechama gara garaa fayyadamna garuu miidhama isaanii cuqqursaa irra qaqqaabaa jiru irratti cimee jiru salphisuu hin dandeenyu. Dureewwan waa'ee haalichaa abdii kutataa dhufaniiru. Lakkoofsi 19 maal jedha?

Kana hin beektanii? Dursitoonni Ibrootaa kunniin Fari'oon bira ga'anii ba'ani sana booda eenyutu isaan eega (lakkoofsa 20)? Fi simannaa akkamii! Musee fi Arooniin maal jedhani (lakkoofsa 21)?

Haalonni gaarii hin-fakkaatani. Lakkoofsa 22, Museen maal raawwate?

Amma Museen bakka saba kanaa ta'ee Gooftaa fuul-dura dhaabatee in gaafate.

Kadhannaan isaa maali?

BARANNOO SADI – Kutaa 2ffaa

SEENSA:

Haalonni gaariin hin jalqabne.

□ marii fari’oon isa ciruma jecha isaanii dhaga’uu dide waliin taasisan xumuraniiiru, isa Waaqa Ibrootaa akka hin beekne dubbatee, humna hojiisaa garbootasaa dadhaboo jedhee cidhii osoo hin dhiheessiin xuuphii humna isaanii olii (kootaa itti murtaa’e) irraa eege.

□ Dursitoonni Israa’eel geeggeessitoota garbootaa Ijiiptiin in reebamu turani sababni isaas uummatni ajaja Fari’oon hojjachuu (galmaan ga’uu) hin dandeenye waan ta’eef.

□ ol iyyannaan dursitootni Israa’el fari’oonitti dhiheessan eessayyuu hin geenye. Hangi Ibroota irraa aqkka hojjataniif eegamu akkuma isa duraatti itti fufe.

□ Amammoo, dureewwan Ibrootaa aariisaanii Musee fi Aroon irratti in dhageessisani, Waaqayyoo akka isaanirratti faradu maqaasaa irratti waamuun sababni isaas sabni Israa’el fari’ooniin jibbameera waan ta’eef, qondaaltota isaanis ajjeefamuuf kan barbaadaman waan ta’aniif.

Yaada:

Kanaaf maal goota? Bakka Musee of kaa’i. Miidiyaanitti dhimma mataa kee qabatee turte, hoolota abbiyyuu kee tiksuu (kunuunsuu). Huuxxii qoraattii osoo boba’uu hin gubanne argita, kanaaf itti hiiqxee maal akka ta’e addaan baafachuuf ilaalta. Huuxxii qoraattii sana keessaa sagalee Waaqayyoo dhageessa isa boodas waamicha Waaqayyoo gara Ijiipt akka dhaqxuuf si murteessisu Saba Waaqayyoos achii akka baaftu si abboomu dhageessee qabatee achii deemta. Gara manaatti deemta, haadha-warraa keetiitti himta, deemuufis qophoofta. Sana booda atii fi maatiinkee imala gara Ijiipt dheeraa ni jalqabdu. Achi wayita geessanis atii fi obboleessikee jaarsolii (maanguddoowwan) waan haasoftan isin dhaga’an isin harkaa fudhatan isin waliin waliigalan waliin marii teessa. Sana booda Fari’oonitti haasa’uuf garasaa dhaqxa; ammawaanti hundumtuu ofumaaf hanga fakkaatutti ga’eera. Amma waan hundumaan ol uummani amantaa sirraa dhabeera, hoggansakee irratti. Isa huuxxii qoraattii keessaan si waame gara isaa dhaquu malee gara dhaqxu biraa tokkollee hin-qabdu. kanaaf, Sabni Israa’el cidii malee jiraataa jiru atimmoo jireenya ofii tasa hin-gaafanne waamicha huuxxii qoraattii keessaarraan kan ka’e isa jiraachaa jirta! Al takka takka jireenyi miyaadhuma dhaba, mitiiree?

Hojjira Olchuu:

Seenaa Fari'oon suphee cidii irraa hojjatamu barbaadusaa nutty himu dubbifneera. Ifaa ifatti, jireenyi cimaa ture. Dhuguma, jireenyi kan hin-danda'amne fakkaateera. Hanga humanasaanii guutuu yaalanis sadarkaa Fari'oon kaa'ee guutuu hin dandeenye. Jireenya kee keessatti yeroo haalonni isa ati gochuu dandeessu , raawwachuu dandeessu caalaa si gaafatan yaadadhu?

Dhimmichi maal ture?

Waan ati barbaaddee dhabde sun maal ture?

Al takka takka hojiin hojjatamu dabalataa osoo jiruu dursinee humna fixna. Al takka takka dursinee miira fixna yeroo namni jajjabeeffamu dabalataa jirutti. Al takka takka hojiin osoo hin xumuramin yeroon nutti gabaabbata. Al-takka takka baay'een akka nurraa eegamu nutty dhaga'ama isa hojjachuu dandeenyurra yookaan waan taanee jirurra. Tarii jireenya kee keessa Fari'oonotatu jira ta'a warra si too'atanii jiran sirraa waan baay'ee waanati hindandeenye kan eegan, bakkaan ga'uuf kan hin dnada'amne. Haalli jireenya keessan keessaa maaluma ta'a laata?

Gargaarsa eessaa barbaadda?

Yeroo rakkinaa keessatti bu'uurri jabina keetii eenyu?

Museen gara Gooftaatti deebi'e. Museen in gaafate, “ O Gooftaa, Maalif...” Ati jireenyi wayiota ulfaatuu fi rakkuchaaf furmaatni yeroo dhibu gara eenyuutti deebita? Haalichaaf akkataa Museen furmaata barbaade , waan inni raawwate akkamitti sijjabeessuu danda'a?

Yadanoo:

Daawwit, haala wal-fakkaataa keessa waan darbe fakkaata. Jechoota Macaafa Farfannaa 86: 6 -8 irraa barreessi.

- Daawwit Gooftaa duratti kadhannaadhaan in dhihaate. Maal Beeka, Waa'ee Waaqayyoowoo beekumsa inni qabu hangami?
-
-

- Lakkoofsa 6 keessatti Gooftaa maal gaafata?
-
-

Daawwit jireenya isaa amma akkamitti ilaala?

Hiikni yookaan furmaatni “guyyaa rakkoo koo” isaa maali?

Waaqayyoon waammachuu maalif filate (lakkoofsa 7)

Luqqaasiiwwan kunniin guyyaa rakkoo keenya keessatti abdiin nuuf kennu. Waaqayyoo yeroo nuti araaraaf gara isaatti rakkoo keenya qabannee yoo iyyine fi kadhanne akka nu dhaga’u nuu mirkaneessa. Akkasumas nuu deebisuuf nuu kakata! Luqqaasii kana “Index card” (kaardii baafataa) Irratti barreessi. Yaadatti qabadhu. Kakuu kana guyyaa rakkoo keetti itti fayyadami.

KADHANNAA:

Rakkoo jireenya kee keessatti si quunnamaa jiru Gooftaatti dhiheessuuf yeroo fudhadhu. Akka muse Gooftaa Maalif jettee gaafachuuf ija jabaadhu. Maalif jedhanii gaafachuun hanga isa yaadda’anii boo’anii deebii hinbarbaadu. Yaaddoo kee isa si dhaga’u Gooftaatti himi, isa haalakee hubatutti, isa waan hundumaa haalichaa beekutti. Inni waan barbaade akka hojjatuuf, raawwatuuf akka fedhiisaatti akka raawwatuuf isatti dhiisi.

BARANNOO SADI – Kutaa 3ffaa

SEENSA:

Haala jeeqamaa Musee fi Sabni Israa’el keessa galan beekna. Dhiphinichi guddaadha. Museen waan godhu wallaaluun gara Gooftaatti deebi’ee in-gaafate, “ Saba kana irratti dhiphina dabluuf addana na fiddee? Museen akkuma Gooftaan isa ajajetti gara Firi’oon dhaqeera waanti Fari’oon raawwate garuu dhiphina itti dabaluuudha. Waanti ta’e “ Ati sabakee hi oolchine”

Yeroon kun yeroo murteessaadha. Iji nama hundumaa Gooftaarra ture, Iji Musee mataa isaayyuu. Sabichi cunqursaa fari’oon jalaa gadhiifamaa hin jiru sababa jaarsoliin akroorichaan waliigalaniif. Isaan gadhiifamuuf hin jirani Sababa Aroon dubbataa gaarii tureef yookaan Museen Gooftaaf abboomamee waanta inni jedhe raawwateef. Akkasumas Firi’oon isaan gadhiisuu waan yaadeef qofa hin gadhiifamani. Gadhiifamuun isaanii kan raawwatu Gooftaan ofiisaa waan raawwatuuf raawwata. Galatoo waaqayyoof ta’u waanti akmiyyuu yookaan namni kamiyyuu hin-fudhatu.

Hojii Manaa: Seera Ba’uu 6: 1-12 dubbisi

Barsiisa:

Gooftaan Museef in deebise. Sagalee Waaqayyoo keessatti gammachuu hinhubattaa? Saba israa’el gadhiisuuuf akkanni jarjaree jiru in hubattaa, amma yeroonsaa yeroo sirrii akka ta’e beektee? Ilmaan Yaa’iqoob (Israa’el) kudha lamaan saba bal’aatti guddataniiru, biyya ormaa kana keessatti eegumi isaanii taasifamee fi waan isaan barabachisu guutameefi. Baayi’inni isaanii lafa Waaqayyo isaanii kenne dhaaluuf isaan barbaachisa. Imala kanaaf qaami isaanii ijaaramuu qaba ture.hojii humnaan qoramaniiru dirqama inni isaan gaafatuttis baraniiru. Sammuun isaanii isa dur yaadaa qabani ol yaaduu jalqabeera, jireenya dachee haaraa irraa, dachee cunqursaa irraa bilisa ta’ee gabrummaa irraa bilisa itti ba’an. Amma waaqayyo furmaata kan fidu isa qofa akka ta’e akka mul’atutti akka hubatanitti xiyyeeffannoon hundumtuu Gooftaa irra ta’eera. Ofiisaanii, Fari’ooniin moo’achuuf humnasaa hin-qaban turani.

SHAAKALA:

Seera Ba'uu 6 keessatti GOoftaan haasaa isaa jecha human qabdu “amma” jedhuun jalqaba. Amma yeroon isaa sirriidha. Amma waanti hundumtuu bakka qabateera. Hafuuraan (garaa keessatti) Akkana ittiin jedha Amma yeroon kan ajajaa waraanaa kan kooti. Amma yeroon kan raawwiiti. Inni jalqabumaa kaasee Sabni Israa'el harka Waaqayyoo hunda danda'aa qofaan Fari'oon ahrkaa akka ba'an mul'isuu barbaade (lakkoofsa 1).

Ammas irra deebi'ee Waaqayyo eenyu akka ta'e museetti of mul'ise. Sabni kun, Musee dabalatee waa'eesaa maal akka beekan barbaade?

1o Lakkoofsa 2

1o lakkoofsa 3:

HUB: Lakkoofsi 3 waa'ee maqaa Waaqayyoo dubbata. Abrahaam, Yisihaaq Yaa'iqoob biratti maqaa hunda danda'aa yookaan El-shaadaay jedhamuun beekama. Haata'u malee, ofiisaa akka Gooftaatti akka lakkoofsa kana keessatti of ibsetti of hin-mul'isne. Maqaan Gooftaa jedhu waaqayyo isa baay'ee namatti dhihoo kan ofii, isa waan saba isaaf barbaachisu guutuu fi sabasaaf dhimmamuu akka ta'e mul'isa. Maqaa inni Musee beeksise dha Seera Ba'uu 3: 13 -15 keessatti. Afaan Ibrootaan Yaahiweeh jedhama.

Kakuu akka qabu isaan yaadachiisa Sabicha waliin kakuu akka qabu, kakuchis

_____ haammata
(Lakkoofsa 4).

Isaan jalqaba gara kana'aan yeroo dhufanm akka ormaatti akka jiraatan hubachuun kee gaariidha, lafa mataa isaaniirra.

Isa booda akkas jedha, “ _____ dhaga'eera.”

Warra warri Ijpt _____ anis kakuu (waadaa) koo

BARSIIISA:

Baroota kana hundumaa keessatti, alabtni kun hundi yeroo darbu, Waaqayyo kakuu Abrahaamiif kakate yaadateera. Kana yaadachuuf namni lubbuun jiru hin jiru. Namni kakuusaaf isa gaafatu namni tokko hin-jiru. Garuu, Inni amnamaadha. Dubbiin isaa bara baraan dhaabbataadha. Waanta inni Abrahaam, Yisihaaq fi Yaa'iqoobiin jedhe ammayyuu yeroo kanatti isaaniif dhaabbataadha. Isaarratti boqochuu dnada'u. Dhuguma garuu, waanti hundumtuu akkanni Abrahaamitti himetti mitii kan raawwataa jiru waggoota dhibboota baay'een dura?

Seera Uumamaa 15: 13 -14 irra deebi'ii dubbisi. Lakkoofsotni kunniin maal dursanii dubbatu?

Waan Inni Yaa'iqoobitti beeteelitti itti dubbate yaadadhu. Seera Uumamaa 28: 13 -15 ilaali. Lakkoofsonni kunniin maal dursanii dubbatu?

WAA'EE WAAQAYYOO MAAL BARANNA:

Waaqayyo Museen Inni eenyu akka ta'e raawwachuuf maal akka kakate Sabichatti akka himu barbaade.

Waa'ee Waaqayyoo akka baraniif kan barbaachise waanti tokko maal ture akka lakkoofsa 6tti?

Inni biraan akka isaan baran barbaade inni Gooftaa ta'usaa akkamitti akka baranidha.

- lakkoofsa 6: Nan fida
-

- lakkoofsa 6: bilisa nan baasa

O lakkoofsa 6: Nan oolcha

o Lakkoofsa 7: nan simadha

o Lakkoofsa 7: Nan ta'a _____

o Lakkoofsa 8: Nan galcha

o Lakkoofsa 8: Nan kenna

Jechoota “ Ani Waaqayyodha” jedhu irra deebi’uun goolaba.

Yadanoo

Waanta museen sabichatti himuuf jedhu hunda irratti yaaduuf yeroo fudhadhu. INni Waaqa waan ta’eef Inni Saba isaa jaallatuuf waantota kanneen hundumaa in-raawwata. Kanarra waan barbaadan qabuu? Inni garaa keessatti addunyaa isaanii kakate. Lakkoofsa 7 keessatti kakuusaa Waaqa isaanii ta’uudhaaf eega! Musee fi Aroon waan Waaqayyo itti hime Saba Israa’eliif hiruuf waan jarjaran sitti in-fakkaatuu? Ibrootatti himuuf in-qajeelani akkamittiergaa Musee fi Aroon fudhatan jedha akka lakkoofsa 9 keessatti nutty himamee jirutti?

Isaanitti in-murteessitaa? Gabaasa Musee fi Aroon dhaga’anii haala isaan itti gammaduu danda’an hinjiru. Mogoleen isaan bu’eera. Yeroo waan gaarii fi jechoonni si jajjabeessan yeroo sitti dubbataman dhaggeeffachuu yeroo dadhadhabdu qabdaa, yeroo mogoleen si bu’ee jedhu? Mogoleen yeroo nama bu’u namni fuul-duratti tarkaanfachuuf humna dhaba.

Waanti hundumtuu cimaa ta'a. Mogoleen nu bu'uun ammo kaka'umsa gara fuul-duraatti tarkaanfannee carraa jireenyaa itti ilaallu nu dhabsiisa, waan haaraa akka hin shaakalle. Mogoleen nama bu'uun humna namaa fixa, guyyaa hundaas tokko tokkoon lakkaa'aa akka jiraannu taasisa.

Yeroo itti mogoleen si bu'ee beeku yaadi.

Waanta mogolee si buuse addaan baasi.

Maaltu jireenya sitti cimse guyyoota sana keessatti?

Eenyufaadha kan abdi sii kennuu barbaadan garuu ati fudhachuuf si rakkise?

KADHANNAA

O Gooftaa, al takka takka waan mogolee na buuseef nan moo'ama. Jireenyi gadi an qaba. Waanti hundumtuu ulfaataa fakkaata. Yeroo akkanaa ergaa abdi ati naa kennitu akka dhaggeeffachuu danda'u jabina naaf kenni. Humnan ergaa kee dhaga'ee isa keessatti socho'uu itti dandas'u ati naaf kenni. Siin si amanuuf ati amnatiisaa naaf kenni, Si isa abdi naaf kennu.

BARANNOO SADI – Kutaa 4ffaa

SHAAKALA:

Ta’us Gooftaan harka fari’oon harkaa Saba Isaa baasuun sabni israa’el dhaga’uusaanii fi ergaa fudhachuu isaanii irratti hin-hundaa’u, yookaan isaan mogolee isaan bu’ee fi jabaachuusaaniirratti yookaan jireenya abdiin guuter yookaan abdiin hin-qabne jiraachuu isaaniirratti hin-hundaa’u.

Museen maal akka raawwatu isa ajaje lakkoofsa 11 keessatti?

Museen akkamitti isaaf deebise (lakkoofsa 12)?

Dhuguma, nama haasaan isa rakkisu argina, arrabi xaxamaa, Waaqayyo ammas Mootii Waaqa hin beeku jedhe kanatti deebisee ergaa jira, kanaaf maalif isa dhaggeeffata. Jalqaba mootiin kun cidii dhowwate. Amma ammo yeroo kana maal raawwata laata kan Sabi Israa’el Musee akka jibban taasisu? kan Waaqayyoon beekan Israa’el hin-dhaga’an taanaan Fari’oon inni waaqayyoon hin beekne maalif dhaga’aree?

BARSIIISA:

Amma gidduutti yeroon boqonnaa tureera. Sababni isaa maaliifuu haata’u, seenichi addaan cita. Seera Ba’uu 6: 13 -27 keessatti hidda dhalootaa geggeessitoota maatii Israa’elootaa argina. Geggeessitoonni maatii tarreeffaman kunniin hidda dhalootaa Riiban, Simoon fi Leewwiiti. Maqaaleen kunniin maalif akka caqafaman dhugaasaa beekuun rakkisaa ta’us sababa tokko akka tilmaamaatti kaa’uun ni dnada’ama. Maqaa kanneen gidduutti lakkoofsa 20 keessatti waa’ee hidda dhalootaa Musee fi Aroon nutty himama.

Waa'ee abbaa Amram lakkoofsa 20 keessatti maaltu nutty himame? Eenyuun fuudhe? Amraamii fi Jochebed firoomni isaanii maali?

Amraam adaadaasaa fuudhe. Ilmaan lama qabu turani _____ fi

intala durbaa hidha dhalootaa kana keessatti hin ibsamne qabu turani sababni isaan dhiigni karaa dhiiraa waan darbuuf. Haata'u malee, akkuma yaadattu, Lakkoofsi 26:59 dhaloota sadii maqaa dhaha. Maqaan intalasaanii kanaa eenyu?

YAADA:

Hiddi dhalootaa obboloota kanneen isaan sanyii Leewwii keessaa akka ta'e mirkaneessuuf barreeffamuusaa, akkasumas akka lakkoofsa 26 fi 27tti Musee fi Aroon namoota Waaqayyo Israa'eloota Ijpt keessaa akka baasaniif waame ta'uusaanii dinqisifachuu malee Eenyuyyuu waa gochuu hin danda'u. Isaan namoota Mootii Ijpt Fari'oonitti dhihaatanii Saba Israa'eel akka gadhiisuuf gaafatanidha. Akkasumas Museen barreessaa Tooraah akka ta'e beekna, macaafa shaman jalqabaa Macaafa Qulqulluu.

Gaaffii

Do you think it took a Hebrew to deliver the Hebrew people, the Israelites, from the hand of Pharaoh? Why or why not?

SHAAKALA:

Musee fi Aroon jalqaba gara Fari'oon yeroo dhaqan jechoonni qofti (dubbiin afaanii qofti) hin hojjenne (seera ba'uu 5: 1-2). Haata'u malee, waaqayyo akka museetti dubbatetti waantonni ta'uu itti fufani.

Seera ba'uu 6: 30 keessatti jechoota lakkoofsa 12 keessatti hidda dhalootaa itti ilaallee xumurren jalqabna. Lakkoofsi 12 akkamitti goolabama? Gaaffii Wal fakkaataa MUseen lakkoofsa 30 irratti gaafatu maali?

Waaqayyo Museef waa ibsuu barbaadeera. Museetti SEera Ba'uu 7: 1 keessatti maal itti hime?

Waaqayyo Fari'oon keessatti soda fi ulfeessuun akka uumamu gochuufi Musee akka Waaqaatti hanganni ilaalutti. Sabni Ijpt waaqolii tolfamoo baay'ee waaqessu turani amma garuu mallattoolee, raajii, dinqii Waaqa waaqota hundumaan olii arguuf jiru.

Museen waan Waaqayyo jedhe hundumaa rawwachuuf abboomamaniiru. Waanti jalqabaa Musee fi Aroon akka raawwataniif ajajaman maali (lakkoofsa 2)?

Waaqayyo fari'oonirra waanta qaqqabuuf jiru dubbata:

o Lakkoofsa 3: _____ Fari'oon
_____ in godha.

o Lakkoofsa 3-4: Waaqayyo _____ fi
_____ Isaa baayi'isuus fari'oon hin

o Lakkoofsa 4: Isa booda Waaqayyo ciqileesaa biyya Ijptirra in dhaaba

_____ Isaa in baasa.

Lakkoofsa 5: kanaaf, warri Ijipt maal beekuuf jiru?

Musee fi Aroon abboomamanii akka Waaqayyo isaan ajajettis in raawwatani. Museen umuriinsaa meeqa ture? _____Aroon umuriinsaa meeqa ture?

BARANNOO SADI – Kutaa 5ffaa

BARSIIISA:

Waaqayyo eegumsa guddaan Musee fi Arooniin geggeessaa akka jiru (haala kana keessatti) wayita hubannu namatti tola. Maal mudachuuf akka jiru dursee odeeffannoo kennaafi osoo walirraa hin-citin yeroo raawwatu isaanitti haarii akka hin-taaneeff. Ajajas yeroo akka raawwatan barbaadu isaan ajaja. Kun hoggansa 101 n wal fakkaachuu dhaqa. Waaqayyo adeemsicha keessatti isaan too'ata. Hojii manaa raawwatamu baay'ee kenneefii itti dhiisee isaan hin dhiisne. Takkaa waanti hundumtuu erga iddoo qabatee mudannoon (action) (raawwiin) jalqabe.

SHAAKALA:

Fari'oon dinqii akka godhaniif isaan gaafachuufi. Ajaji waaqayyo Musee fi Arooniin abboome maalinni lakkoofsa 9 keessatti

Kun baay'ee salphaa fakakate. Kanaaf fari'oonitti dhiyaatani waanti hundumtuus akka Waaqayyo jedhe ta'e. YOokaan Mittii? Lakkoofsa 11 fi q2 keessatti maaltu nutty himame?

Waaqayyo waan t'uuf jiru itti hin-himne!

Garuu maaltu ta'e?

seenaan kun dhumisaa xumura gaddisiisaa qaba. Verse 13 is like a spiritual electrocardiogram of Pharaoh's heart. Gaarii miti. Maal baranna?

Akka lakkoofsa kanaatti mooticha mataa kan jabeesse maal isinitti fakkaata?

XUMURA

Barannoo 3 goolabneerra. Barannoon 4 seenaa Waaqayyoo sabasaa Fari'oon harkaa biyya Ijptii itti baasuun jalqaba. HUmmi Waaqayyoo hojiitti akka jiru argina Musee fi Arooniin hojii qulqullummaa isaatiif yeroo itti fayyadamee hojjatu kana. Uleen Musee harkaa lafichaarratti yeroo diriiru , araaraa fi marartee Waaqayyoo saba isaarratti dhangala'u argina yeroo inni isaan baraaru, fi oolchu.

Barannoon 1 fi 2 karaa saaqaniiru. Isaan keessatti taatota seenicha keessaa adda baafanneerra. Huuxheen qoraattii bakka boba'eetti yeroo Waaqayyoo Musee itti waamee kopheesaa ofirraa akka baasu gaafatetti (bakka inni dhaabbatee ture sun qulqulluu waan ta'ee) waliin turre. Al takka takka huuxxii qoraattii boba;'u mataa keenyaa akka qabaannu feena bakka qulqulluu mataa keenyaa. Waaqayyoo yeroo maqaa keenya waamu dhaga'uu, hojii manaa keenya akka waamicha Musee ifa akka godhu barbaanna. Huuxxii qoraattii akka sana boba'uu garaa keenya keessaa qabna< Sagalee Waaqayyoo. LUqaas 24:32 duuka buutota Yesuus du'aa ka'uu isaan booda yeroo haasa'an dhaga'uu dandeenya. Maal wal-gaafatani?

Bakkanni jirutti argamuuf lafa qulqulluurra dhaabbachuuf mirga isaa qabnaannaa. Argamasaa keessa kadhannaan faarfannaa farfannuun waaqef fannaa isa itti waaqessinuun, galata isaaf wayita galchinu galla. Fari'oon mataa jabaate sababni isaas waaqayyoon hin beeku ture, sagaleesaa hin dhaga'u isa karaa Musee fi Aroon itti dubbatamu. Waaqayyoo karaa sagaleesaa dubbata, hundi keenya mirgi sagaleesaa dhaga'uu arganneerra, qabna.

KADHANNAA:

O Yaa Waaqayyoo Gooftaa hundumaa dandeessuu, Ati akkuma Musee fi Aroon waliin turte ana waliinis jirta. Gara si beekuutti si keessatti ta'uutti akka dhufu barbaadda, akkan

dhugaa sagaleekee dhaga'u isaafis abboomamu barbaadda. Garaa banaa si dhaga'u naaf kenni. Kakuu ati kakatte hundumaaf garaa sitti amanatu anaaf kenni. Jalala kee karaa Yesuus Kiristoos anatti mul'iste nama fudhatu garaa banaa naaf kenni. Keessattuu, Gooftaa Guyyaa har'aa

Sin kadhada

BARANNOO AFUR – KUTAA Iffaa

SEENSA:

Barannoo sadii Musee fi Fari’oon Fari’oon duratti dhihaachuusaanii ,bakka beektonni isaa warra qoricha namatti godhanii fi ayyaana hedan isaa argamanitti, irratti goolabne. Uleen Aroon bofa in taate. Uleen beektota jara Ijptis bofa in taate, sana booda uleen Aroon kan warra ijptii in liqimsite. Fari’oon diqii kana argus ammas mataa jabaate. Dhaga’uu dide. Akkuma waaqayyo dubbate ta’e.

Barannoon kun dhahicha kurnan of keessatti haammateera. Baay’een dhahicha kanneen akka waan uumamaan mudateetti ibsuu yaalaniiru. Fakkeenyaaf lolaan laga Abbayyaa lafa naannoosaa jiru albuuda huffisa. Kun ammo biyyoo bifa dhiigaa qabu kaasa kan jedhudha. Kana malees, weerara ilbiisaa midhaan irra deddeebi’ee mudatee midhaan balleessu kaasu. Saayinsiin dhahicha kurnan keessaa sagal ibsuu danda’a ta’a, ta’uyyuu dhahichoanni kunniin ifatti hojii waaqayyoo inni ofiisaa Waaqa dhugaa qoficha ta’uusaa itti of beeksise, agarsiise, waaqota laga abbaayyaa akka hintaane. Qo’annoon kun seenaa Israa’elii fi Ijpt bara sanaa Macaafi Qulqulluun dubbatu isin beeksisuuf (barsiisuuf) qophaa’e. Seenaan bulchiinsa Fari’oon fi Mudannoo Waaqa Abrahaam, Yisihaaq Yaa’iqoob isa saba Isaa cunqursaa mootii Ijpt jalaa baase waliin ture galmeesseera.

Hojii Mana:

Dhahichi waaqayyo Ijpt irratti fide Seera Ba’uu 7:14 hanga 11: 10tti galmaa’eera. Boqqonnaawwan kanneen keessa deebi’i. dhahicha tokkoon tokkoo adda baafadhuutii gabatee armaan gadii guuti. Kana booda tokkoon tokkoo dhahichaa keessa seennee sirriitti ilaalla.

. Luqqaasii	Dhahicha
Seera Ba’uu 7: 14 -24	
Seera Ba’uu 8: 1-15	
Seera Ba’uu 8: 16-19	
Seera Ba’uu 8: 20 -32	

Seera Ba'uu 9: 1-7	
Seera Ba'uu 9: 8-12	
Seera Ba'uu 9: 13 -35	
Seera Ba'uu 10: 1-20	
Seera Ba'uu 10: 21 – 29	
Seera Ba'uu 11: 1-10	

Hojii manaa: Seera ba'uu 7: 14 -24 dubbisi

SHAAKALA:

lakkoofsa 14 keessatti waaqayyo garaan Fari'oon akka _____

Sabichas gadhiisuuf _____ Museetti himeera.

Lakkoofsa 15: Ajajoonni Waaqayyo Musee abboome maal fa'i?

Abbaayyaan waaqa warra Ijpt keessaa tokko ture. Museen fari'ooniin lagicha biratti ulee Waaqayyoo qabatee wal quunamuufi. Seera ba'uu 7: 1 keessatti we learned that God made Moses like God to Pharaoh. Walga'iin Abbaayyaa birattii kun waaqa Abbaayyaa fi Waaqa Israa'el gidduutti morkiin kan itti mul'atu fakkaata.

Hanga ammaatti fari'oon hindhageenye (lakkoofsa 16). Museen akkana jedha, Waaqayyo akkana jedha “ kanaan akkan Waaqayyo ta'e ni barta...” lakkoofsa 17 keessatti Museen maal akka godhu dubbata?

Lakkoofsa 18: sababa kanaan maaltu ta'a?

fi _____

lakkoofsa 19 keessatti murtoon/dhahichi waaqayyoo hangam bal'aa akka ta'e barra. Kanaaf uleen Waaqayyoo bishaan biyya Ijiipt hundumaarratti ol in ka'e. Lakkoofsa 21 dhahichichi akkuma isaan in ta'a jedhan baay'ee hamaa akka ta'e barra. , garuu lakkoofsa 22 keessatti maaltu ta'a?

Garaan Mootichaa akka _____ malee isaaniif hin _____ Gara masaraa isaatti in deebi'e wanti ta'es

_____ (lakkoofsa 22 fi 23)

Fari'oon abboomamuu diduusaaf warra Ijiiptirra maal qaqqabsiise?

BARANNOO AFUR – KUTAA 2ffaa

BARSIIISA:

Macaafa Qulqulluu wayita qoo'annu jechoota kutaa tokko keessatti irra deddeebiin faayidaarra oolan barbaaduun barbaachisaadha. Yeroo baay'ee waan isaan irra deddeebi'amanii faayidaarra oolaniif dhugaa Macaafa Qulqulluu hubachuuf murteessoo waan ta'aniifi. Jecha tokko fakkkeenyaaf, lakkoofsota 11 kanneen keessatti si'a afur faayidaarra ooleera (Seera ba'uu 7: 14 -24). Gabatee armaan gadii guuti. Jecha ulee (staff) jedhu adda baasii mallattoo itti godhi tokkoon tokkoo luqqaasii keessatti.

Luqqaasii	Jechichaa fi akkamitti faayidaarra akka oole
Seera Ba'uu 7: 15	Innis bofatti in-jijjiirame
Seera Ba'uu 7: 17	
Seera Ba'uu 7: 19	
Seera Ba'uu 7: 20	

Waa'ee ulichaa maal beekna? Seera ba'uu 4:20 keessatti maal jedhamee maqaa dhahameera?

Waaqayyo ulee Musee akka mala Fari'oonii fi Saba Ijpt ittiin adabuu mul'atu tokkootti itti fayyadame. Waaqayyo adabbi cimaa irratti fida yeroo ulichi ol ka'u, fakkeenyaaf, bishaanota Ijpt irratti , dhiigatti wayita isaan jijjiiraman. Seera ba'uu qo'achaa yeroo itti adeemtan seenichi wayita seenessamu ulee Waaqayyootti xiyyeeffannoo kenni. Bakka uleen kun faayidaarra itti oole Macaafa qulqulluu kee halluu irra dibuuf qophaa'i. Akkasumas murtoo (adabbii) Waaqayyo Fari'oonii fi warra Ijpt irra tti fide barbaadi (ilaali).

Uleen kun waan biraaf tajaajila irra ooleera. Kan diqii sana gochaa jiru Waaqayyo akka ta'e Musee yaadachiisa. Fari'oon waliin Lolatti kan ture Waaqayyodha. Sabasaa harka warra Ijpt jalaa baasuuf kan ka'e Waaqayyodha. Inni Waaqa hundumaa danda'u Elshaadaay (Seera Ba'uu 6: 3) , Waaqa ofiisa Ana Waaqayyo guddicha (Seera Ba'uu 3: 14) jedhee waame isa dha. Seera Ba'uu kutaa 2ffaa kana keessatti haala biraa ulichi hojiirra itti oole ilaala.

Hojii Manaa:

Seera ba'uu 8: 1 -15 dubbisi. Dhiigni hangamiif laficha rukutee akka ture hin beeknu garuu guyyaa torba booda waanta ta'e beekna.

SHAAKALA: haalichi irraa deebi'ee jalqaba

Lakkoofsa 1: abboommiin Waaqayyo Musee abboome hin jijjiiramne. Ergaan Fari'oonitti himamu hin jijjiiramne.

Lakkoofsa 2 -4 dhahichi inni itti aanu maali hanganni bal'atuwoo hangami?

_____ fattee bakka hundumaatti!qaalluun warra Ijptis waanuma wal fakkaatu raawwachuu dnada'aniiru!

haata'u malee, waanti addaa ta'eera asitti. Lakkoofsa 8 keessatti maal hubatta?

Fari'oon Musee fi arooniin ofitti waame. Maal isaan gaafate?

Fari'oon waaqa Musee akkamitti kabaje lakkoofsa kana keessatti?

lakkoofsa 9-10: Musee fi fari'oon guyyaan itti aanu guyyaa itti dhahichichi itti dhaabatu akka ta'u waliigalani. Isa booda ajaja sanyiin Waaqayyo Gooftaa keenyaa hin jiru jedhamutti akka lakkoofsa 11 keessatti maaltu ta'a?

Lakkoofsa 12: MUsee fi Aroon Fari'oon biraa in deeman Museenis gara Waaqayyoottis in dhihaate. Waa'ee maalii haaasa'ani? Fattee! MUseen maal gaafate?

Waaqayyo maal tole jedhe?

Waaqayyo fattee kana ciruma hin balleessine. Museen kanaaf gaafateeraa? Kun deebii dinqisiisaa dhaa hundumtuu akka itti hubatetti, Fari'ooniin dabalatee? Maal sitti fakkaata?

O! laKKoofsota 14 kanneen ofiikee lubbuu itti hori yaadakee keessatti. Dabbara yaadannoo kee irratti yaadakee barreessi. Ijpt keessa jiraachuun maal fakkaata ture laata?

kanaaf , yaadni fari'oon maal ture? Lakkoofsa 15 keessatti boqqonnaa wayita argu

Achitti deebineerra! Garuu maalif nu dhiba? Yookaan nu dhibaa? Lakkoofsichi akkamitti goolabama?

BARANNOO AFUR – Kutaa 3ffaa

YAADA:

Kanaaf kanarraa maal hubattu? Dhahichoota akkanaa 10 akka jiran beekna kan ilaalle garuu lama qofa. Dhiignii fi fatten dudu’anii ajaa’an namoonni baay’ee waanti Musee fi Areoon gaafatan akka raawwatamuuf isaan amansiiseera Fari’ooniin garuu lakki! Uleen Waaqayyoo saba kanaarratti dhahicha hammaa fidde. Fari’oon isa mataa jabaatetti araara tokko hin agarsiisne isa inni isa hin dhageenyeeff. Seera ba’uu 7 keessatti ammas lakkoofsa 8 keessatti garaan fari’oon akka _____ innis _____ akka dide himameera.

Haalli ittumaa haammaachaa deemeera. Of tuulaadha jeeqamaa. Akka bulchaa Ijijt guutummaatti ofiisaa akka waaqaatti of ilaaleera. Warri Israa’el garboota isaa waan ta’aniif abboommii Waaqa Israa’e irraa hin fudhatu. Eenyuufuu hin abboomamu sababni isaas inni mootii ajaja dabarsu waan ta’eef. Inni isaa fi isa qofa. Isaaf namni biraan hin jiru. Musee fi Arooniin waan deebi’e fakkaatee isaan goyyomseera garuu akkanni yaada hin jijjiiranne beekna. Kan inni waan deebi’e fakkaateef dhahichi fattee sun akka badu waan barbaadeef qofadha. Waaqayyos fattee kanneen balleessuurra salphaamatti lubbuusaanii keessaa fuudhatee isaan ajjeese. Amma biyyittiin du’aa fattee ajaa’uun guuteetti. Maal akkam aja’a!

Kana hundumaa keessaa maal baafta? Gabaasa kee keessatti dabali. Aleeksaandariyaa taayimsiin akka gabaafuu ergamta haa jennu maal ta’aa akka jiru. Namoonni daandiiirraa waa’ee dhimmichaa (haalichaa) maal osoo dubbatanii dhageessa?

WAA’EE WAAQAYYOO MAAL BARANNA:

Yaada Waaqayyoo fi jalala inni saba isaatiif qabu ni hubattaa jechoota kanneen keessatti: ‘Saba koo gadhiisi’ jechoonni kunniin garaa Waaqayyoo mul’isu. Isaan saba Isaati. Waaqayyo Abrahaamiif kakuu wayita gale kan isaa ta’ani (Seera Uumamaa 17: 19). Inni

ammo firoota hundumaa haammata! Dhaloota Abrahaam hundumaa! Waaqayyo isaan argeera, isaanii dhimmama, isaanii yaada ammallee yeroo akka garbaati bitamanii jiranitti.

AJaji waaqayyo fari'ooniif dabarse sabakoo gadhiisiidha. Jalqabatti Waaqayyo garbummaa mula'tu qaamaa jalaa qofa akkanni gadhiisu qofa waan gaafate fakkaata. Garuu , jala Waaqayyo saba isaatiif qabu waan hubachuu dhabne natgti fakkaata. Jaalalli isaa filannoo biraa hin kennineefi. Jaalalli isaa gadhiifamuu saba isaa gaafata. Isaan hin gadhiifaman taanaan inni isaanii in lola. Waraanatti isaanii in ba'a. Nuti waraana gaarii fi hamaa gidduu jira Waaqayyoo fi fari'oon gidduu, waaqayyoo fi Seexana giudduu. Waaqayyo lubbuu saba isaatiif lolaa jira. Waan uumamaniif jireenya uumamaniif akka jiraataniif gadhiifamuusaanii barbaada. Inni Waaqa kakuu sanyii Israa'eliif baay'ina, badhaadhina , qabeenyaa kaaktedha. Kakuu sana eegaa jira.

Jaalalli Waaqayyo dhuma hin qabu. Fari'ooniin nama of jaallatu jennee ibsuu dandeenya. Waaqayyos jaallataa daangaa hin qabne akkanaati. Hanga du'aatti ni lola warra jaallatuuf. Waaqayyoo jaalala daangaa hin qabneen na jaallata jettee in yaaddaa, jaala isa namaa dhiisu, isa namaa dhimmamu, isa waa'ee kee waan hundumaa beeku, jaalala isa Waaqakee ta'uu barbaadu isa Mucaa isaa si taasifachuu barbaadu?

jaalala akkanaa beektaa? Seenaalee kanneen lamaan dubbisiitii jaalala akkanaa bari! Seenaaleen lamaan kun waa'ee jaalala Waaqayyoo maalo sitti mul'isu:

Do you know such love? Read these two stories and consider such great love! What do these two stories reveal to you about the love of God:

O Luqaas 15: 1-7

o Luqaas 15: 11- 24

waaqayyo isa si barbaadaa jiru beektaa< Isa bakaka hundumaa si barbaadaa jiru, takka si argatee jennaan isa waliin bara baraan akka taatuuf gara manaatti sifudhatee gala? Yeroo fedhiikee guuttachuuf isa gatutti lolakee ba'ee isa siif lolu waaqa kana beektaa?

Waaqayyo isa yeroo ati itti dhaqxu argee sitti fiigee harka bal'isee jaalalaan si simatu beektaa? Jaalallisaa daangaa hin qabne kun hunduma keenyaafi.

Kadhannaa:

Jalala dhuma hinqabne waaqayyoo isa waanta si garboomsee jirurraa bilisa sibaasuuf barbaadu akka hubatteetti kadhannaa mataa keetii barreessi. Fedhiin isaa: “Sabakoo gadhiisi!” jalala cimaa inni siif qabu, uumama isaaf qabu yaadadhu. Harkasaa isa sdimachuuf agrakeetti bala'atee jiru yaadi, isa si haamamchuuf jiru. INni jalala barabaraan si jaallachuunsaa siif hangam akka ta'e isatti himi.

BARANNOO AFUR – KUTAA 4ffaa

HOJII MANAA

Seera Ba’uu 8: 16 -19 dubbisi. Dhahichichi itti fufa. Kutaan sadaffaan fattee du’anii tortoran xiraa’an Ijptiin guutaniin goolabne.

Shaakala:

Dhahicha sadaffaa kanaan Fari’oon ajaja waaqayyoo karaa garbootasaa Musee fi Aroon itti dubbate dhaga’uu dhabuusaatiin garaan isaa akkam akka ta’e barra.

Lakkoofsa 16: Waaqayyo museen maal akka raawwatu isa ajaje itti aansuun?

kun dhahicha

Yaadi! Lakkoofsi 17 waa’ee injiraanii maal nutty hima?

Dhahichi inni kun duhicha warra lamaanii duraaniirraa addadha. Lakkoofsa 18 keessatti maal barra?

Warri ayyaana hedan (qaalluun) maal huabatani lakkoofsa 19 keessatti?

SEera ba’uu 7:5 keessatti Waaqayyo Museetti maal himee ture? Warri ijpt maal ni nbaru jedhe?

Warri ayyaana hedan dhahicha kana raawwachuuf human isaanii ol akka ta'e in baranidhahichoota lamaan jalqabaatti warri ayyaana hedan kunniin bishaan dhiigatti ha jijjiiran akkasuams fattee haa fidan malee fattee alficharraa balleessuu hin dandeenye turani. Isa waaqayyotu raawwate (Seera ba'uu 8: 12 -13).

Fari'oon garuu yaada isaa hin jijjiirre. Seera Ba'uu 7: 13 keessatti fari'oon mata jabeessa akka ture nutty himameera. Amma ta'aa jira. Seera Ba'uu 8: 15 keessatti _____ garaasaa akka jabeeffate nutty himama. Seerri Ba'uu 8: 19 waa'ee garaa isaa maal nutty hima?

HOjii Mana: Seera Ba'uu 8: 20 -32 dubbisi

SHAAKALA:

Lakkoofsonni itti aanan dhahicha araffaa ibsu. Dhahichi araffaa dhahicha

Ammas ajaji waaqayyo Musee ajaje fari'oonitti akka dhihaatudha. Ajajisaa maal ture?

far'oon hin abboomamu taanaan, ammaltu ta'a (lakkoofsa 21)?

Yaada:

Titiisota yeroo xiqqoof yaadi. Mee bakkeetti nyaata nyaachuu yaaltee titisni muraasni wayita si rakkisan yaadi hangam akka nama jibbisiisu aarsu. Bakka xurii fi kosii keessaa ba'u. waanta barbaadan irra qubachuuf hin mamani. Namoonni titiisa hin jaalaltani titisoonni garuu bakka namoonni jiranii hin dhibani. Waldaa keessatti jeequu danda'u karaarra yeroo adeemanis akkasuma. Mana nyaataa keessatti arguun baay'ee nama jibbisiisa yookaa man kuusaa mi'aa keessatti. Egaa titisota kanneentu ijjiitiin weeraruufi. Akka isaan rakkoo ta'an shakkiin hin jiru. Du'aa fattee xiraansaa titiisa waama lafa itti

wal-hormaata isaaniis in ta'a. titisni baay'atanii furdatanii isin irra adeemuu yaadaa. Kun baay'ee jibbisiisaadha, suukaneessaa.

Haala lafa kanaa (biyya ijpt yeroo sanaa) irratti yaada qabdu kee barreessuuf yeroo fudhadhu.

BARANNOO AFUR – KUTAA 5ffaa

SHAAKALA:

Lakkoofsa 22-23. Waaqayyo dhahicha titisaa kana haala biraan itti fide. Alana maal gochuuf jira?

Guutummaan warra Ijpt , Fari’oon, qondaaltonni (hojjattoonni) isaa fi sabisaa titisa waliin wal’aansoo wal qabu. Homaan titisaa sabichaafi mana isaanii hin jeeqan. Garuu Gooshan bakka Sabni isaa jiraatuufi fari’oon gidduutti garaagarumama in taasise. Garaagarummaan waaqayyo taasise kun araara hiikama waaqayyoo sabi israa’el dachee Ijpt irra osoo jiranii dandamatanidha. Harki araaraa Waaqayyoo sabasaa dahicha irraa hambisaa jira. Dhahichichi fari’oonii fi sabasaa qofa rukute.

waaqayyo Fari’oon keessaa baasee maal akka baru barbaade?

Akka inni “ Ani Waaqayyo lafa kanarra akkan jiru...” beeku

o fari’oon kana beekuun isaa maalif barbaachise?

o Israa’eloonni kana baruun isaanii maalif barbaachise?

lakkoofsa 24: “ Waaqayyo akkana in raawwate.” Waan inni raawwate ilaali:

Verse 24: “And the Lord did this.” Consider what He did:

o masaraa fari’oon irratti : _____

o Manneen hojjattootasaa keessatti _____

o Guutummaa Ijptitti

fari’oon mari’atee waliigaluuf qophii ta’e

O yaada inni dhiheesse maali lakkoofsa 25 keessatti?

o Lakkoofsa 26 keessatti Museen maal jedhee dida?

o sababa akkamii dhiheesse?

O Akka lakkoofsa 27 keessatti waaqayyo yaadasaa jijjiireeraa? Seera ba’uu 3: 18 ilaali.

Waaqayyo Fari’oon waliin waliigaluuf tole jedheeraa?

fari’oon maalitti waliigale lakkoofsa 28 keessatti?

waanti dhumaa Fari’oon Musee gaafate maali?

Museen waaqayyoon kadhatee titisni biyyattii irraa, fari’oon irraa, hojjattootaa fi saba isaa irraa akka ka’u Fari’ooniif mirkaneesse. Keekachiisa Museen Fari’oonii kenne maali lakkoofsa 29 keessatti?

□ lakkoofsa 30 -31: Museen fari'ooniin dhiisee ba'e. Waaqayyoon in kadhate.

Waaqayyos waan Museen akdhate in raawwate. Titisonni hanga

_____ badani

Fari'oon ammas deebi'ee mataa jabaachuunsaa nu dinqisiisaa. Tarii nu hin dhibu ta'a dhuma seenichaa waan beeknuuf garuu, mee utuu isin fari'ooniin taatanii akkami? Dhahicha xiraan dhahamtanii fi ilbiisotaanis weeraramtanii Saba isaa maalif gadhiisuu diddu? Moo in gadhiistu?

WAA'EE WAAQAQYYOO MAAL BARANNA:

Dhahichi titisaa kun araara Waaqayyoo saba isaa irratti diriiree jiru kan mul'isedha. Isaan saba Isaaf adda baafamanidha. Isaan addadha. Inni waaqa isaaniiti. Kakuu Abrahaamiif kakatee Yisihaaqiif Yaa'iqoobiif haarsesseen isaan kan isaa akka ta'an murteesse. Amma addunyaan akka beeku barbaade. Akka Inni saba israa'el waliin jiru fari'oon akka baru barbaade. Dachee Goshen irra garuu titisni in ga'u bakka sabi koo jiraatuakka ati ani Waaqayyoo ta'uu koo bartuuf dachee kanaarratti" (Seera Ba'uu 8: 22). Amantaan dur ture waaqonni waaqota bakki isaan murteessuu bakkaa bakkaa addadda akka turanidha. Fakkeenyaaf, waaqni lafa Ijpt (For example, the gods of the land of Egypt had little, if any, power against the gods in the land of the Philistines.) Y aahiweeh garuu waaqa bakka murtaa'e tokkoo miti, inni waan barbaade hunda gochuuf humna isaa qaba.

Waaqayyoo kakuu yaa'iqoobiif maatiisaa gara Ijptitti wayita qajeelche galeef eegeeraq (Seera Uumamaa 46). Waaqayyoo Yaa'iqoobitti lakkoofsa 3 fi 4 keessatti maal itti hime?

Akkasuimas Waaqayyoo kakuu Museef gale (yeroo saba Isaa Israa'el Ijpt keessaa akka baasuuf gara Fari'oonitti erge gale) eegeera. Yaada Museef deebiin Waaqayyoo hattattamaa maal ture Seera Ba'uu 3: 12 keessatti?

Waaqayyoo Amantiidhaan karaa Gooftaa Yesuus cubbuu keessaa gara Isaa kan dhufne (inni cubbuu fi gabrummaa jala nu baasee) hundumaaf kakuu wal-fakkaataa nuuf galeera. sagaleen mirkaneeffannaa Maatiwoos 28: 20 keessatti argamu maali?

Maqaan biraan Yesuusiif kenname kaan Imaanuel akka ta'e barra. Waa'ee hiika maqaa kanaa Maatiwoos 1: 23 maal nutti hima?

Waaqayyoo saba isaa waliin ta'uusaaf gaaffiin hin qabu.

Yadanoo

Akkun Israa'elootaa Waaqayyoo warra isa beeknu nu gidduu fi warra isa hinbeekne gidduutti garaagarummaa kaa'eera. Pheexroos 1ffaa 2: 9 -10 keessatti maal nutti hima? Kaardii caqasaa irratti (index card) luqqaasiiwwan kanneen lamaan barreessi yaada keettis qalbeeffadhu.

Dukkana keessaa gara ifa dinqisiisaatti si waamuu isaatiif har'aa fi guyyaa hundumaa akka itti isa galateeffattuu fi waaqessitu yaadi. Isa Waaqessuu fi galateeffachuuf carraa argattee fi muuxannoo argatte katabii qabadhu!

Gadi-fageenyaan Qo'achuu

Waa'ee israa'elootaa waan barachaa dhufte irraa ka'uun , kanneen armaan gadii ilaaluuf yeroo fudhadhu...

- Ati ...ta'uunkee siif hiika maalii qaba

o saba yookaan nama filatamaa ta'uukeef

O sanyii mootii

o saba qulqulluu

o saba yookaan nama kan Waaqayyoo ta'e

Kaayyoo qabaachuun kee , Isa dukkana keessaa gara ifa dinqisiisaatti si baase Waaqessuuf fi galateeffachuuf kaayyoo qabachuunkee siif hiika akkamii qaba?

Akka hawaasa waldaa jedhamee waamamuutti ati yeroo tokko kan hin

_____ turuunkee, amma garuu ati

_____ ; yeroo tokko Gooftaa hin fudhanne

_____ amma garuu _____

fudhatteetta.

KADHANNAA:

Waaqayyo akka nama filatamaatti eenyummaa kana waan siif kenneef isa galateeffadhu. Akka isa Waaqessaa fi galateeffachaa jiraattuuf karoora fi hiika jireenyaa waan sii kenneef Isa galateeffadhu. Qaama amantootaaf , waldaaf, saba Isaaf, arjummaasaa waan baay'iseef isa galateeffadhu.

LESSON FIVE ~ PART 1 BARANNOO SHAN – Kutaa 1ffaa

TEACHING: Barsiisa:

Museen seenicha keessatti qooda gaarii taphateera. Innis saba Waaqayyoo dachee gabrummaa fi cunqursaa keessaa akka baasuuf Waaqayyoon ergame. Fari’ooniin akka ajaja waaqaatti amansiisee (saba Waaqayyoo gadi lakkisiisuuf) ergame. Karaa musee Waaqayyoo biyya kanattii fi sabicha irratti dhahicha, dheekkamsa fi jeequmsa (diddaa) fideera. Seera Ba’uu 8: 8 fi 8: 28 keessatti , garuu, Fari’oon Museen waaqayyoon kadhatee dheekkamsa lafichaarratti dhufe akka dhaabuuf gaafate. Kanarraa kan hubannu, fari’oon Waaqni muse waqota-arkee (waaqota tolfamoo) warra Ijpt akka caaludha. Kanaaf amma hiikama waaqqa israa;’el irraa barbaada, waaqayyos dhahichoota tokkoon tokkoo balleessuun kadhatasaaf deebii kenneera.

Waaqayyoo Fari’ooniif kana haa raawwatuyyuu malee Fari’oon cunqursaa isaa isaa jalaa saba israa’eliin hin gadhiisne. Mataa jabaachuusaa fi gara jabeessa ta’uusaaf dhahicha irratti dhufe akka irraa ka’uuf malee Waaqayyoof abboomamuuf of kenna hin-turre. Haata’uyyuu malee Museen garaa jal’aa Fari’oon osoo beekuu waan Fari’oon gaafate Waaqayyoo duratti dhiheesse. Waaqayyos in- deebise! Fari’oon waan Waaqayyoo irraa barbaade raawwachuu baatus waan fari’oon gaafate raawwateera (deebiseeraafi).

Kana hubachuuf rakkisaa sitti ta’eeraa? Waaqayyoo Far’oon akka goyyomsaa jiruu fi gara jabeessa ta’uusaa osoo beekuu maalif waan inni fedhe (gaafate) raawwateef sitti fakkaata? Raajiin isaayyaas Isaayyaas 26: 9-11 keessatti maal jedha? Luqqaasiwwan kanneen dubbisi.

Lakkoofsa 9 keessatti firdiin Waaqayyoo yeroo dhufu namoota adunyaa irraa irra maaltu qaqqaba jedha?

Lakkoofsa 10: “_____ yoo ilaalaman _____ maal akka ta’e hin-baran _____.”

maalidha kan isaan bakka itti hin kennine lakkoofsa 10 keessatti?

lakkoofsa 11: Waa'ee nama cubbamaa dabalataan maal baranna? Harki Waaqayyoo isaan irratti ol fuudhameera garuu

lakkoofsa 11 keessatti isaayyaas Waaqayyotti in dubbata: “ Yaa Waaqayyo _____ akka ati _____, akkasumas _____ isaan haafixu.”

Firdiin waaqayyoo Fari'oon isa qajeelummaa hin barre irratti in qaqqabe. Harki firdii waaqayyoos isaa irratti ol in ka'e, inni garuu guddummaan Isaa isa biratti fudhatama hin arganne. Jaalalli Waaqayyoo saba isaaf qabu guutummaa Ijpt niqaanessa. Dhahichi inni kun akka warra kaanii haala gaddisiisaan goolabama. Fari'oon ni goyyomsa. Garaan Fari'oon jabaatee ejjannoosaan itti fufa. Saba Waaqayyoo gadi hin-dhiisu. Abboommii Waaqayyoo hin dhaga'u.

Hojii-manaa

Seera ba'uu 9 fi 10 dubbisi. Hanga ammaati garaan fari'oon waan jabaatee fi saba Waaqayyoos gadhiisuuf tole waan hin jenneef dhahichoota afur warra Ijpt irra qaqqabe gadi fageenyaan ilaallee jirra. Dhahichoonni shaman itti aanan ammo Seera ba'uu 9 fi 10 keessatti argamu. Waantonni tokko tokko kanneen arfan jalqabaa waliin wal-fakkaatu. Jechoonnii fi gaaleewwan tokko tokko diddaa fari'oonirraan kan ka'e waantota waaqayyoo raawwate nuf ibsu. Boqonnaawwan lamman kanneen dubbisuuf yeroo fudhadhuutii gabatee armaan gadii deebii sirrii tokkoon tokkoo dhahichoota ibsaniin guuti. Saanduqoonni hundinuu dirqama deebii qabaachuu hin-qabani.

DHAHICHA #5: Seera ba'uu 9: 1-7 – Dhahichicha

Luqqaasii	Wal-fakkeenya	Ibsa	Yaada dhuunfaa
Seera Ba'uu 9:1			
Seera Ba'uu 9: 2,3			
Seera Ba'uu 9: 4			
Seera Ba'uu 9: 5, 6			
Seera Ba'uu 9: 7			

DHAHICHA #6: Seera Ba'uu 9: 8 -12 Dhahichicha

Luqqaasii	Wal-fakkeenya	Ibsa	Yaada Dhuunfaa
Seera Ba'uu 9: 8,9			
Seera Ba'uu 9: 10			
Seera Ba'uu 9: 11			
Seera Ba'uu 9: 12			

BARANNOO SHAN – Kutaa 2ffaa

DHAHICHA #7: Seera Ba’uu 9: 13 -35

Luqqaasii	Wal-fakkeenya	Ibsa	Yaada Dhuunfaa
Seera ba’uu 9:13			
Seera ba’uu 9: 15, 16			
Seera Ba’uu 9: 18, 19			
Seera Ba’uu 9: 20, 21			
Seera Ba’uu 9: 22-25			
Seera Ba’uu 9: 26			
Seera Ba’uu 9: 27-30, 33			
Seera Ba’uu 9: 34 -35			

BARSIIISA

Waaqayyo warra Ijptii fi Israa’elota adda baaseera. Akkuma dhahichoonni kunniin warra Ijpt irratti ciman Israa’eloonni ni baraaramu turani. Harka firdii waaqayyoo fi harka isaa isa araaraa garaagarummaa ifatti argina. Dhahicha cabbie kanaan Waaqayyo harka isaa firdii Fari’oonii fi saba isaa hundumaa fixuu danda’u agarsiisa. Isaaniin dhahicha ciruma dachee irraa isaan balleessuu (fixu) itti fidee isaan balleessuu danda’a ture. Dacheen kun dhahichootaan haa rukutamtu iyyuu malee Waaqayyo warra Ijptiif araarasaa akka baay’ise kanaafis ciruma akka isaan hin balleessine qalbeefachuun gaariidha. Seera Ba’uu 9:16 keessatti Waaqayyo maalif akka isaan golboobe caqasameera. Maal Jedhe?

Fari’oon sabi Waaqayyoo Waaqa akka waaqessuuf akkanni hin gadhiifne osoo beekuu Waaqayyo bakakkaa fi cabbiin dhahicha dhahe dhaabeera akkuma Fari’oon gaafatetti. Seera ba’uu 9: 33 keessatti Museen harkasaa gara Waaqayyootti bal’ise Waaqayyos Ijpt irratti araarasaa inagarsiise. Maal raawwate?

Ammas garaa Fari'oonii fi qondaaltota isaa in jabaate.

Hojii Ira Olchuu

Boqonnaawwan kunneen nuuf hiika akkamii akka qaban baruun rakkisaadha. Harki Araaraa Waaqayyoo jireenya keenya keessatti yeroo ammaa hojjataa jiru ilaaluuf yeroo fudhadhu. Baay'een keenya jireenya gaarii qofa akka nuuf ta'u, jireenya bu'aa ba'ii keessa darbuuf sababa akka hin-qabnetti ilaalla. Boqonnaawwan Seera Ba'uu kanneen waa'ee dhahichootaa himan kanneen irraa araarri waaqayyoo Fari'oon irra illee akka ture hubanna. Waaqayyo waan inni gochuu danda'uu fi maal gochuu akkanni filate waan gara garaa lamadha. Dhahicha tokkoon isaan fixuu danda'a ture dhahichioonni salgan hafan hinbarbaachisaniyyuu ture. Haata'u malee, Isa akka baraniif (isa waaqaaf lafa uume) carraa kenneefi. Maqaan isaa guutummaa addunyaa irratti akka waamamuuf humna isaa olaanaa ni mul'isa.

HIKA KEESSA DEEBII:

Akka namoota cubbamootaatti waa tokkollee nuuf hin-ta'u ture garuu dheekkamsa, adabbii fi firdii Waaqayyoo malee. Garuu waan nuuf ta'u osoo jiruu araara fi surraa waaqayyoo keessa deddeebi'aa jirra.

□ HIIKA: Surraa

Waaqayyo jaalala isaa isa anaaf hin taane (an argachuu hin malle) natty agarsiisa. Firdiin cubbuu du'adha. An kan naaf ta'uu malu ture kana. (Seera Uumamaa 2: 17 fi Roomee 6: 23 ilaali). Karaa du'a Yesuus jalaala Waaqayyoo naaf hin malle, surraa isaa fi jalala isaa bara baraan isa waliin akkan jiraadhuuf carraa argadheera. (Karoora Waaqayyoo , Filannoo Keenya Barannoo lammaffaa isaa ilaali.)

□ Hiika: Araara

Araara jechuun Waaqayyo waanta nuurratti raawwachuu malu osoo hin raawwati dhiisuu jechuudha. Cubbuu keenyaaf, jallina garaa keenyaaf, adabamuu qabna turre. Du'uu qabna

turre. Roomee 6:24 keessatti bu'aan cubbuu du'a akka ta'e barra , kennaan Waaqayyoo garuu jireenya bara baraati Gooftaa yesuus Kiristoos keessatti. Kan nuuf ta'uu malu ture du'a ture garuu Waaqayyoo araarasaa nutty argisiise. Iddoosaa jaalala isaa nutty argisiisee karaa Gooftaa yesuus jireenya barabaraa nuuf kenneera. (Karoora waaqayyoo, Filannoo Keenya barannoo lammaffaa isaa ilaali)

Keessa deebiidhaaf irra deebitee jireenya kee ilaaluuf yeroo fudhadhu.jireenya kee keessatti yeroo ati itti surraa Waaqayyoo argachuunkee sitti dhaga'ame yoomi, gaarummaa isaa waantota inni siif raawwatuun kan argite, yeroo ati siif hintaanetti? Karaa gaaffichi gaafatamu biraa: araara Waaqayyoo jireenya kee keessatti yeroo akkamii argaa jirta? Waan sirratti ta'uu malurraa yeroo inni si eegu?

Israa'eloonni hariiroon Waaqayyoo waliin qaban turan araara Isaa fi surraa Isaa keessatti. Isaan saba isaa akka ta'an innis waaqa isaanii akka ta'e mirkaneesseera. Hariiroon kun israa'eliin uummata kaanirraa adda isa taasiseera, Ijptiin dabalatee. Saba isaa fi kan fari'oon gidduutti Waaqayyoo garaagarummaa uume (Seera Ba'uu 8: 23). Saba isaa du'a Ijpt irratti fiduuf jirurraa baraare (Seera Ba'uu 9: 4).

KADHANNAA:

O Gooftaa, ati waaqa kooti atis an saba kee keessa tokko akkan ta'e mirkaneessiteetta. Kanaaf sin galateeffadhas sinwaaqessas. Gaarummaa natty agarsiifta. Na eebbisteetta. Yeroo jireenyi ulfaataa fakkatuttilllee ati Waaqa koo ta'uukee beekuun koo boqonnaa fi abdiin naaf kenna ati waan karaa ilma kee Gooftaa Yesuus Kiristoos jaalala bara-baraan na jaallatteettawootii. Ati cubbuu koo naaf dhiisi gaarummaa kee isa guyyaa guyyaan haaraa ta'e sana akkan arguufis ijakoo naaf bani.

BARANNOO SHAN – KUTAA 3ffaa

SEENSA

Qo’annoo kee dhahichoota lamaan itti aananii jalqabi. Akkuma Kutaa 3 keessattiitti hojjachuu itti fufi

Dhahicha #8 Seera Ba’uu 10: 1-20 –Dhahichichi

Luqqaasii	Wal-fakkeenya	Ibsa	Yaada Dhuunfaa
Seera Ba’uu 10:1			
Seera Ba’uu 10: 2			
Seera Ba’uu 10: 3-6			
Seera Ba’uu 10:7			
Seera Ba’uu 10: 8, 9			
Seera Ba’uu 10: 10,11			
Seera Ba’uu 10: 12-15			
Seera Ba’uu 10: 16-20			

Dhahicha #9: Seera Ba’uu 10: 21 -29 – Dhahichichi

Luqqaasii	Wal-fakkeenya	Ibsa	Yaada Dhuunfaa
Seera Ba’uu 10:21			
Seera Ba’uu 10:21			
Seera Ba’uu 10: 22, 23			
Seera Ba’uu 10: 24- 26			
Seera Ba’uu 10: 27-29			

LESSON FIVE ~ PART 4 BARANNOO SHAN – KUTAA 4ffaa

Hojii-manaa : Seera Ba’uu 11 dubbisi

SEENSA:

Dhahichoota kurnan keessaa sagal Ijptirratti raawwatamaniiru. Dhahicha tokkotu hafe irratti raawwatamuuf. Dhahichi ilma jalqabaa irratti dhufe kun hiika saayinsiin kennamuuf hin-qabu. Ifatti, uumamaan waan mudate miti. Waaqayyo ilmaan hangafaa fixuun inni aangoodhaan Fari’oonirra akka caalu mul’isuufi. Waaqayyo qofatu aango qabeessa aangoonsaa kunis si takkaa dabalataa mulachuuf jira. Fari’oon akeekkachiisni itti kennamus Israa’eloota gadhiisuuf tole hin-jenne. Du’I ilmaan hangafaa firdii waaqayyoo isa olaanaa hojjattoota, qondaaltota fi bulchitoota akkasumas waaqota ijpt irratti fudhate ta’a.

Shaakala:

Waaqayyo dhahicha dhuma Fari’oonii fi Ijpt irratti fiduuf akka jedhu museetti hime.

Waanta biraa Seera ba’uu 11:1 keessatti inni Museetti hime maali?

Waanti hundumtuu qophiidha. Yeroon isaa sirriidha. Dhumaarratti Israa’elonni harka fari’oon jalaa ba’uuf jedhu. Dhugaatti, seenichi Israa’elonni siruma Ijpt keessaa ba’uusaaniin dhuma.

Lakkoofsa 2 keessatti ajaji Waaqayyo Israa’eloota abboome maal ture?

Waaqayyo sabisaa warra Ijptiin saamanii ba’uuf akka qophaa’an itti hima! Qabeenyaa Ijpt saamuu.

Gadii figegnyaan Yaduu

badii dhahichoonni Ijpt irratti fidan irratti Israa’eelonni warqee fi meetii lafichaa fudhatanii ba’u. bittaa fi gabrummaa waggoota 400 booda Israa’eelonni akka garbootaatti biyyattii gadhiisanii hin-ba’ani, garuu akka injifattootaatti malee!

o kakuu waaqayyo Museedhaa gale maal ture Seera Ba'uu 3: 21 -22 keessatti?

o waanti baay'een raawwateera erga luqqaasiwwan sanneen dubbisnee. Waan Waaqayyo kakate ta'uuf hangam kan hinfakkanne akka fakakatu ture yaadadhu. Wayita sana Museen waa'ee dandeettii bulchiinsaa isaa waaqayyoon gaafataa ture. Geggeessitoonni Israa'elootaa Musee irratti ka'ani sababa cidii ofii akka sassaabatan taasifameef xuubii hojjachuuf. Waantonni biraan isin yaadatan maali waa'ee haala isaan keessa turanii?

hariiroo sabichaa fi Musee gidduu ilaaluuf yeroo fudhadhu, hogganaa waaqayyo muude. Dhahichoonni kunniin Ijpt irra wayita ga'aa turanitti hariiroon isaanii haala kamiin jijjiirame?

Hiikamni Waaqayyo Israa'eliif kenne kan jalqabe yeroo Inni saba isaa fi kan fari'oon gidduutti garaa garummaa uumuu jalqabee kaaseeti. Luqqaasiwwan armaan gadii keessatti garaagarummaa Waaqayyo uume maali Israa'eliif hiukama kan ta'e?

Seera Ba'uu 8:22

Seera Ba'uu 9:4 _____

Seera Ba'uu 9:26 _____

Seera Ba'uu 11:7 _____

WAA'EE WAAQAYYOO MAAL BARANNA:

- Boqonnaawwan kunniin gocha Waaqayyoo Israa'eliif raawwate fi hiikama inni sabasaaf godhe dubbata. Waa'ee maalummaa fi amala waaqayyoo maal hubanna?

Gilgaala

- Fara'oon diddaa isaa yoo agarsiise iyyuu, Macaafi Seera ba'uu 11:3 waa'ee saba biyya Gibxii fi geeggeessitoota Fara'oon ilaalchisee maal dubbataa?

- Macaafa Seera Ba'uu 10:28 irratti Fara'oon yaada Musee ni kuffise " ana irraa adeemi, fuula koo dura deebitee yoo dhufte ni duuta, kanaaf lammaffaa deebitee fuula koo dura akka hin dhufne, of eeggadhu" jedhe. Haata'u iyyuu malee, Museen osoo Fara'oon biraa miilla hin kaafatiin dha'ichi isaanirra ga'u maal akka ta'e itti ni hime, Macaafa Seera Ba'uu 11:4-7. Dha'ichi kun dha'icha du'aa ture, dha'icha namoota irratti geessifame. Ilmi angafaa kamiyyuu ni du'a. Angafi horiiwwaniis ni ajjeefama. Wawwaannaan yeroo sanatti itti caalaa dhufe. Mootichi Fara'oon homaa raawwachuu hin dandeenye. Geggeessaan isaa saba Gibxii du'a irraa oolchuu hin dandeenye. Nama guddaatii hamma ijoolleetti namoonni Gibxii ni du'u turani.

- Museen jecha xumuraa itti dubbate. Bu'aan du'a namoota Gibxii maal turee? Lakk. 6

- Waa'ee saba Israa'eel ilaalchisee hoo? Lakk. 7

Gara garummaan saboota kana lameen gidduutti ni uumame. Saba Israa'eel gidduutti boo'ichi hin turre.

- Museen yeroon itti biyyichaa ba'an yoom ta'uu isaa hubatee? Lakk. 8

Macaafa Seera Ba'uu 5:1-4 irratti, Fara'oon Musee fi Aarooniin akka hin argamne gochuu isaa ni baranna. Yeroo isa jalqabaatii kaasee wantoonni hedduun raawwatamaniiru. Irra deddeebiin, Fara'oon Waaqa Israa'eliif beekamtii kennuu dideera. Irra deddeebiin Waaqayyos biyya Gibxii irratti dha'icha qaqqabsiiseera. Amma biyyichi jeeqameera. Wantoonni kan bironis dabalataan ni rawwatamu jedhameeti eegama. Museen waa'ee dha'icha isa xumuraa ilaalchisee Fara'oonitti ni dubbate, Lakk. 8

Macaafa Seera Ba'uu 10:28 irratti Fara'oon jechoota isaa xumuraa akka dubbate yadadhaa. Yeroo Macaafa Seera Ba'uu 11:8 dubbifnutti immoo, Erga dha'ichi inni xumuraa irratti raawwateen booda, Fara'ooniifi geggeessitoonni biyyichaa akka sabni kun biyyicha gadi dhiisuun adeemaniif ni gaafatani. Amma dinqiin Waaqayyoo biyyicha irratti ni mul'ate, Lakk.9

Barannoo 5- Kutaa 5

Seensa

Osoo boqonnaa 12 irratti hin darbin duratti, waa'ee barbaachisummaa gochaa Waaqayyoo ilaaluun nuuf in mala. Lakkoofsa 5 irratti, Angafootni saba Gibxii akka ajjeefaman Museen Fara'oonitti ni hime.

Gadi Fageenyaan ilaalu

Namoonni Waaqayyoon beekan humnaa fi aangoo Inni Museef kenne ni argani, garuu wanti kun hundi yaadaa fi ilaalcha Fara'oon jijjiiruu hin dandeenye. Akka Fara'oon garaa isaa jabeesse Waaqayyoo ni arge. Haata'u malee malee Waaqayyoo saba Isaa hacuuccaa biyya Gibxiitti irra ga'u jalaa ni baasa.

Macaafa Seera Ba'uu 4:22-23 irratti qajeelfamni Waaqayyoo Museef kenne maal turee?

"

-"

Barbaachisummaan angafaa maalii? Macaafa Faarfannaa 78:51 baafadhaa. Lakkoofsi kun waa'ee angafaa ilaalchisee maal dubbataa?

-

Angafi mallattoo biyya tokkooti. Ilmi angafaa cimina biyya tokkoo agarsiisa. Israa'eel mucaa hangafaa Isaa akka ta'ee Waaqayyoo ni dubbate. Karaa Israa'eel Inni humnaa fi aangoo Isaa ni mul'isa. Lolli kun lola Waaqayyoo fi Fara'oon gidduutti taasifame ture. Macaafa Seera Ba'uu 11:5 irratti, xumura dha'ichaa irratti, akka hangafooni du'an ni caqasna.

- Kun Fara'oonii fi saba Gibxiif hiika maalii qabaa?

- _____ -
- Kun waa'ee jabeenyaa fi dandeettii Fara'oon ilaalchisee maal agarsiisaa?

- _____ -
- Jabaan Isa kamii? Jabaan wanta hundumaa eenyuu?

_____ -

Waaqayyo hangafa Isaa Israa'eeliin jabeessuudhaan, hangafa saba Gibxii ni ajjeese.

Yaadadhaa: Tuqaawwan muraasi yeroo kanatti hubachuudhaaf isin rakkisuu ni danda'u. Abdii hin kutiinaa. Moojuloota "Macaafa Qulqulluu kan mataa keessanii gochuu" jedhu kanneen irratti, seenawwan dhugaa Waaqayyoo akka hubattaniif isin gargaaran ni caqastu. Amma, yeroo kanatti, hangafi Waaqayyoo Israa'eel ta'uu isaa qofa caqasuun ga'aa dha.

Barsiisa

Mucaan hangafaa kan biros ni jira, Wangeelli Luqaas 2:7 isiniif haarawaa ta'uu dhiisuu ni danda'a. Yoo isiniif haaraa ta'uudhaa baate, akka isin wangeela Luqaas 2:1-20 dubbiftaniif ni gaafatamtu. Lakkoofsonni kunniin akkana jedhu, "Isheen (Maariyaam)

_____ -"

Kun dhalachuu Yesuus agarsiisa. Ilma Waaqayyoo Isa tokkicha jechuu dha. Wangeela Yohaannis 3:16 irratti Akkuma Waaqayyoo Ilma Isaa jaallatetti biyya lafaas jaallachuu Isaa

dubbata. Karaa Yesuus, Ilma Isaa, Inni humnaa fi aangoo Isaa ni agarsiisa. Hojiiwwan diinaa gara garaa fannoo Gooftaatiin fashalaa'eera. Du'aa ka'uu Gooftaatiin du'I, sheexanni, akkasumas cubbuun humna dhabeera. Eragaa Paawuloos gara warra Efesoon 1:19-20 dubbisaa.

Waa'ee Waaqayyoo maal barannaa

Dha'ichi inni xumuraa raawwachuuf haa ta'u iyyuu malee, Waaqayyoo dursee waan raawwachuuf yaade ni qaba. Bakki kun waa'ee wanta raawwatee hubachuudhaf gaarii dha. Oolmaa Waaqayyoo saba Israa'eeliif oole agarreerra. Isaan saba Isaa ti. Hariiroon Isaa akka abbaa fi ilmaa ti. Jaalalli Inni isaaniif qabu akka isaan gabrummaa jalaa ba'an isaa dandeessise. Waaqni keenya gaarii, kabajamaa fi qulqulluu dha. Inni waan hundumaa raawwachuu ni danda'a. Jaalalli Inni hangafa Isaa Israa'eeliif qabu, gochaa Isaatiin ni mul'ate. Akkuma Inni Israa'eeliin jaal'atetti, anaa fi isiniinis ni jaal'ata.

Kadhannaa

Yaa Gooftaa, Ati dhiifama gooteetta. Yeroo sabi Israa'eel humna dhabanitti, Ati humna isaaniif taateetta. Lola isaan Fara'oon waliin taasisan irratti Ati isaan gargaarteetta. Akkuma Ati isaaniif lolte, anaafis akka loltu nan eeka. Waan ana waliin taatuuf galatoomi. Sirraa kana ka'e, ani jireenya abdiidhaan guutuu jiraachuu danda'eera.

Barannoo 6- Kutaa 1

Seensa

Yeroo halkanicha ergamaan du'aa angafa wanta hundumaa ajjeesaa turetti, Waaqayyo akka sabni Isaa Isa yaadataniif wanta guddaa raawwate. Yaadannoon Isaa kunis nyaata ture. Nyaatni kun abboommii isa bara baraan akka isaan eeganiif itti kenname ture. Isaan ayyaana kana waggaa waggaatti ni kabajatu turani, akkasumas abboommii kana dhalootaa dhalootatti ni dabarsu turani. Kaayyoon barannoo kanaa waa'ee seenaa ayyaana isaanii kana gadi fageenyaan barachuu osoo hin ta'in, waa'ee qajeelfama Waaqayyo isaaniif kenne hubachuu dha.

Hojii Mana

Macaafa Seera Ba'uu 12:1-51 Dubbisaa. Qabiyyee gabaabaan boqonnaa 12 akka armaan gadiitti taa'eti jira.

- Lakk. 1-20 – Qajeelfama Waaqayyo akka sabni Israa'eel biyyicha gadi dhiisanii ba'aniif Musee fi Aaroonitti kenne.
- Lakk. 21-28 – Qajeelfama Museen angafootaaf kenne.
- Lakk. 29-30 - Du'a ilmaan angafootaa biyya Gibxii
- Lakk. 31-51 – Sirna Ba'uu, Oolchuu Waaqayyoo, Inni Israa'eelota biyya Gibxiitii ni baase.

Keessa deebii

Kutaa kana keessatti, Qajeelfama Waaqayyo karaa Musee fi Aaroon saba Isaaf kenne agarra. Erga qajeelfamichi Museetti kennameetiin booda, Museen angafoota saba Israa'eel walitti ni qabuudhaan akka isaan dubbii Waaqayyoo hordofuudhaan deddeebi'an itti ni hime, jalqaba Lakk. 21 irratti. Kuni waamicha isaaniif taasifame ture. Yeroo isaan itti oolchaman ture. Isaan hacuuccaa jalaa baafamuudhaan Waaqayyoon waaqeffachuudhaaf waamamani. Yeroo fudhachuudhaan lakkoofsota Macaafa Seera ba'uu jalqaba irratti jiran yaadadhaa.

- Macaafa Seera Ba'uu 3:7-10

Waaqayyo _____

- Macaafa Seera Ba'uu 6:2-5
Isaan kun saba Kakuu Waaqayyoo
turani. _____

- Macaafa Seera Ba'uu 6:6-8

Inni _____

_____ -

>Inni _____ kakuu
galeera.

>Inni _____

____ Kakuu galeera.

>Inni _____

_____ Kakuu galeera.

Gilgaala (Macaafa Seera ba'uu 12:1-28)

- Lakkoofsa 1 fi 2 irratti, Waaqayyo akka ayyaanichi yeroo ji'I guutuun mul'atutti geggeeffamuuf Musee fi Aaronitti ni dubbate. Booda irrattis, Jiini kun Niisaan jedhamuudhaan ni waamame.(Kaalaandarii Yihuudotaa)
- Akka Lakk. 3 irratti caafamee jirutti, guyyaa kudhaffaa irratti maaltu raawwatame?

- Hoolotni seeraan lakkawamanii qoodamuu ni qabu. Yaadni kun

kan taa'e dha. Lakk. 4

- Lakkoofsa shan irratti maaltu eeramee jira?

> _____

> _____

> Hoolaan guyyaa kudhanaffaa irratti filatame. Guyyaa kudha afuraffaa irratti maaltu raawwatame? Lakk. 6

- Akka lakkoofsa 7 irratti caafamee jirutti, dhiiga hoolota qalamaniitiin maal raawwatuu?

_____ -
_____ -

Barbaachisummaan dhiiga kanaa maal turee, akka lakkoofsa 13 irratti caafamee jirutti?

_____ -

➤ Foonichi

____. Lakk. 8

Foonichi akka halkan sanatti nyaatamuu malu yaadadhaa. Foonichi cireedhaaf yookiin laaqanaaf kan taa'uu malu hin turre. Ariitii itti nyaatni qopheeffamu irratti yaadannoo fudhadhaa. Fakkeenyaaf, Daabboon raacitii malee tolfamu kan raacitiin tolfamuu gaditti yeroo fudhata.

- Lakk. 9 irratti wanta nama dinqisiisu agarra. Bineensi qalame kun guutummaatti ni waadama. Lafeen tokko illee cabuu hin qabu. Yeroo lakkoofsota kanneen caqastanitti, wantoota kanneen yaadatti qabadhaa.

- Lakkoofsa kudhan irratti haftee isaatiin maal raawwatani?

_____ -

- Dabalataanis, Lakk. 11 irratti, Sabni Israa'eel biyyichaa ba'uudhaaf qophaa'uu isaanii agarra. Akkamitti nyaatanii?

>Funyoo

_____ -

>Kophee

_____ -

>Ulee

_____ -
Xumura irratti, _____.

Kuni

_____ -

Barannoo 6- Kutaa 2

Barsiisa

Qajeelfamni Waaqayyoo kallattaawaa fi gabaabaa dha. Yeroo Waaqayyo akka sabi kun biyyicha gadi dhiisaniif itti dubbatetti namni Isaan morme hin turre. Akka isaan nyaata kana nyaatan Inni ni barbaade, kanaafuu qaamni isaanii adeemsa kanaan salphaatti hin dadhabu ture. Sababiin isaas nyaatichi akka nyaata kan biro hin turre. Yeroon kun yeroo bashannanaa hin turre. Namni hundinuu uffannaa isaa uffachuudhaan yeroo itti adeemuudhaaf qopha'an ture. Lakkoofsa 12 fi 13 irratti, Halkan hoolichi qalamee nyaatamutti, angafootni warra Gibxii akka Ergamicha du'aatiin ajjeefaman Musee fi Aaronitti ni dubbate. Dabalataanis "Ani Waaqa" jedhe. Sabni Israa'eel akka Waaqayyo isaan akeekkachiisetti dhiiga hoolichaa balbala isaaniitti waan dibaniif du'a jalaa ni oolani. Dhiigi hoolichaa mallattoo amantii saba Israa'eeli.

Ibsa

Mee yeroo murtaa'eef haa dhaabnu, yeroo fudhannee haala nu fuuldura jiru haa ilaallu. Kutaan ibsaa inni tokko waa'ee wanta darbee kan ilaallatu ta'a. Wantoota eenyummaa namaa ijaaruu ni danda'u jettanii yaaddan kamii? Fakkeenyaaf, Yeroo Musee fi Aaron gara magaalittiitti deebi'anitti, Macaafa Seera Ba'uu 4:29. Namoonni kunneen lamaan fudhatamiinsa akkamii maanguddootaa fi saba Israa'eel gidduutti qabu turanii? Wanta Waaqayyo namoota kanneen lamaanitti dubbate yaadadhaa.

Waa'ee wanta Israa'eel yeroo ammaa keessa jirtus caqasuu qabna. Mee mataa keessan akka mana nama Israa'eel tokkoo jirtanitti fudhadhaa. Yeroo kanatti isin dhaloota waggoota 400 booda jiru waliin haasawaa jirtu. Yaadni keessan maal ta'uu danda'aa?

Yeroo kanatti, isinii fi maatiin keessan balbala irratti dibamuu dhiiga oolichaatiin akka du'a jalaatii baraaramtan amnuu ni qabdu. Isin yeroo kanatti ariitiidhaan ija mucaa keessanii ni ilaaltu. Inni siree isaarra jiraachuu danda'a, wallaalaa ta'uu ni danda'a, akkasumas wanta raawwatamuuf jedhu quba hin qabu ni ta'a. Tarii ati mucaa angafaa ta'uu ni dandeessa. Yeroo Waaqayyoo Ergamaa du'aa gara mana keessanitti ergu yaadni isin maatii keessan keessatti kaastanii haasofatan maal ta'uu danda'aa?

Akkasumas, warri Gibxii waa'ee wanta raawwatamuuf jedhuu quba hi qabani. Halkan walakkaan dhi'aachaati jira.....

Yaadadhaa: Yeroo kanatti, isin keessaa namootni muraasni seenaa kana xumura isaarra ga'uudhaaf ni feetu ta'a. Namoonni kan biroon fedhii seenaa kana hubachuu ni qabaatu ta'a. Namootni seenaa kana gadi fageenyaan hubachuu barbaadan yoo jiraatan Kutaa "gadi fageenyaan hubachuu" jedhu kana hubachuudhaan gilgaalota itti aansuudhaan jiran hojjechuu ni qabu.

Gadi Fageenyaan Hubachuu

Lakkoofsota muraasa itti aansuudhaan jiran keessatti, Ayyaanni kun akkamitti akka kabajamu ni caqasna, Lakk. 14. Ayyaanni kun guyyoottan torbaaf kan turu dha. Waa'ee ayyaana kanaa adda baasaa.

1. Lakk.15: Guyyoota torbaaf
-

2. Lakk. 15: Guyyaa jalqabaa irratti_____ -

3. Lakk. 15: Namoota nyaata raacitiin hojjetame kamiyyuu nyaataniif

4. Lakk. 16: Guyyaa jalqabaa irratti

5. Lakk. 16:

hin raawwatinaa.

Lakkoofsi 17-20 wantoota duratti dubbataman irra deebi'uun nu yaadachiisa. Xumurri isaas, guyyaan kun kan inni Israa'eelota biratti kabajamuuf sababii Inni saba kana warra Gibxiittii adda baaseefi. Dhalootni saba Israa'eel gara fuula duraatti dhufan akka kan Waaqayyoo ta'an hubataniif guyyaan kun guyyaa murteessaa ture. Raacitiitti fayyadamuun dhorkaa ture. Mana keessatti, bakka fedhetti hin argamu ture. Namoota Israa'eel keessaa namni soorate hin turre. Bakkuma fedhe iyyuu haa jiraatan malee, namni qiixxaa raacitii qabu kana soorate hin jiru. Lakkoofsa 24 irratti, akka qajeelfamni kun raawwatame ni baranna. Ayyaanni kun erga sabi kun biyya kakuu isaanii seenanii boodas akka kabajamaa ture ni agarra.

Lakkoofsa 26 irratti, maatiin akka ijoollota isaanii barsiisaniif qajeelfamni kennameeraafi. Hiika guyyaa kanaa ijoollota isaaniitti ni himu turani. Isaanis akka kabajaniif ni barsiisu turani. Lakkoofsi 27 maal dubbataa?

Booda irrattis, erga wanti hundinuu raawwatamee booda, isaan

Lakk. 28 irratti, akka sabni Israa'eel abboomamani dubbata.

Isaan _____.

Barannoo 6- Kutaa 3

Hojii Mana

Macaafa Seera Ba'uu 12:29-42 dubbisaa. Gooftaan ajjeechaa angafoota warra Gibxii raawwachiisuudhaaf Museetti, Aarooniin akkasumas ulee Isaatti hin fayyadamne.

Namoonni kunniin akkuma namoota Israa'eel kan birootti dhiiga hoolichaa balbala isaanii irratti dibuudhaan du'a jalaa oolaniiru. Akkasumas, biyya Gibxiitii ba'uudhaan biyya kakuu Kana'aanitti galuudhaaf akkuma namoota kan biroo qoqopha'aniiru.

Gilgaala: Jechoota mataa keessaniitiin wanta lakkoofsa 29 fi 30 irratti raawwatame barreessaa.

Macaafa Seera Ba'uu 4:21-23 fi Macaafa Seera Ba'uu 11:4-6 irra deebi'uun dubbisuudhaaf yeroo fudhadhaa. Museen Fara'oonitti waa'ee gochaa Waaqayyoo ilaalchisee maal itti dubbatee?

Wanti nama dinqisiisu ni jira turee? Wanti hundinuu akkuma Waaqayyoo Museetti dubbatetti raawwatame.

Haala salphaa ta'een lakkoofsi 29 fi 30 waa'ee badiisa saba Gibxiirra ga'ee ni dubbata. Maatiiwwan dheekkamsi Waaqayyoo irra ga'etti maaltu dhaga'ama jettanii yaadduu? Kun isaaniif ga'aa hin turee? Ummatni kun diddaa mootii isaanitiin miidhamaniiru, xumura irrattis du'aan adabamaniiru. "Manni namni keessaa hin dune hin jiru." Iyyaa fi wawwaannaatu ture.

Hojii Manaa. Macaafa Seera Ba'uu 12:31-42

Gilgaala

Namni hundinuu biyyichaa ba'uuf qophii turani. Halkan walakkaatti Fara'oon Musee fi Aarooniin ni waame.

- Lakkoofsa 31 fi 32 irratti Fara'oon isaanitti maal dubbatee?

> Adeemaa

_____ -

> Waaqeffadhaa

_____ -

> _____ keessan

fudhadhaa.

> Akkasumas adeemaa

> Ariifannaa warra Gibxii hubadhaa. Isaan maaliif bulchiinsa warra Gibxii jalaa ba'uu barbaadani? Lakk. 33 irratti.

> Lakkoofsa 34 irratti sabi Israa'eel ariitii akkamiitiin akka biyya Gibxii gadi dhiisan dubbata. Ariitiin ba'uu saba Israa'eel akkamitti mirkaneeffachuu dandeenyaa?

_____ -

- Lakk. 35 fi 36 irratti, sabi Israa'eel akka warra Gibxii saaman agarra. Sabi Israa'eel maal raawwatani?

_____ -

- Waaqayyo akka sabi Israa'eel meeshaawwan warra Gibxii jalaa fuudhaniif maal raawwatee?

Barannoo 6- Kutaa 4

Barsiisa

Haaluma kanaan adeemsa ni eegalani. Kaartaa karaa saba Israa'eel agarsiisu macaafa qulqulluu keessan irraa hubadhaa. Jalqaba irratti Raameesisiin mallatteessaa, bakka itti adeemsi isaanii itti eegale jechuu dha, haaluma kanaan gara kallattii kibba bahaatti yeroo adeemtan Sukkooziin argitu. Daangaan kun Museedhaaf guutummaa guutuutti haarawaa akka hin turre yaadadhaa. Museen jireenya lafa onaa keessatti barate. Inni duratti adeemsa gara biyyoota kanaatti godheera. Erga Museen namticha biyya Gibxii ajjeeseen booda, gara Miidiyaanitti baqachuudhaan waggoottan afurtamaaf akka jiraate, akkasumas bakka kanatti haadha manaa isaa Zippoora waliin akka wal bare ni yaadanna. Booda irrattis, akka saba Israa'eel biyya Gibxiitii baasuuf Waaqayyoon gara biyya Gibxiitti ni ergame.

Gilgala: Macaafa Seera Ba'uu 12:37-42 irratti odeeffannoo dinqisiisoo muraasa ni agarra.

- Dubartootaa fi ijoollotatti dabalatee dhiirota hammamiitu miillaan adeemaa turee?

-

Osoo dhuma beektonni baay'ina namoota kanaa sirriitti hin beekan ta'ee iyyuu, Lakkoofsi namoota Israa'eel biyya Gibxii dhiisanii adeemanii baay'ee ta'uu isaanii ni beekna.

- Qomoo kan biro keessaa kan isaan waliin adeeman eenyu dha?

__-

Maaliif isaan waliin adeemuu filatanii?

- Namoota hundumaatti dabalee, namoonni kan biroon adeemsa kana keessatti qooda fudhatan eenyu dhaa?

- Lakkoofsa 39 keessatti maaltu irra deebiin caqafamee?

Barbaachisummaan "Qiixxaa racitii malee" maali jettee yaaddaa?

____--

Wanti kun yeroo dubbatamu, kun yeroo shanaffaa dhaafi. Lakkoofsota kanneen eeri.
Boqonnaa 12 irratti

- _____ -
- _____ -
- _____ -
- _____ -
- _____ -

- Akka lakkoofsa 40 irratti caafamee jirutti, sabni Israa'eel waggoottan meeqaaf biyya Gibxii keessa jiraatanii?

- Xumura waggaa 430 irratti maaltu raawwatee?

- Waa'ee olmaa Waaqayyo Israa'eelotaf oole ilaalchisee, lakkoofsi 42 maal nutti dubbataa?

- Akkasumas, Israa'eelotni dhaloota itti aansuudhaan dhufaniif waa'ee olmaa Waaqayyoo akkamitti itti himaa turanii?

Ibsa

Seenaa saba Israa'eel keessatti yeroo kana hubachuun ilaalaa. Baroota hedduudhaaf maatiin kun biyya Gibxii keessa jiraachaati ture. Isaan jalqaba irratti sababii beelaatiin gara biyya kanaatti dhufani. Boodarratti, maatiin kun obboleessa isaanii Yooseefii fi mooticha Fara'ooniin haala gaariitiin simatamani. Booda irratti mootichi haaraan Fara'oon ni muudame. Inni Yooseefii fi Israa'eelota waan hi barreef, doorsisuu ni eegale. Isaan haala badaa ta'een ilaalamaa turani, akkasumas hojiiwwan ciccimoo akka hojjetaniif ni dirqisiifamu turani. Yeroo dheeraadhaaf garbummaa jala turani. Xumura irratti, Waaqayyo Inni imimmaan isaanii arge isaan oolchuudhaaf gara isaanii ni dhufe. Inni Musee fi Aarooniin filachuudhaan Fara'oonitti bilisummaa saba Isaa akka barbaadu itti himuudhaaf ni filate. Badiisi gara garaa warra Gibxiirratti erga raawwatameetii booda, sabni Israa'eel ni bilisoomani. Hacuuccaa isaanii jalaa ba'uudhaaf huccuu fi meshaawwan gati jabeessa gara garaa kennaniiruufi. Haaluma kanaan sabi Israa'eel akka ariitiin biyyichaa ba'an ni taasifamani.

Yeroo kanattii, bakka isaanii ta'uudhaan yeroo of ilaaltanitti, isin adeemsa kanaaf qophaa'oo dhaa? Maal walitti qabattanii? Olla keessan maal gaafattanii? Kanaan booda, akka isin adeemtaniif wanta barbaachisu hunda isiniif kennani.

Waa'ee wanta fuula dura keessan jiruu hubannoo qabduu? Wanti isin beektan yoo jiraate, xuubii hojjechuudhaafi magaalota gara garaa mooticha Fara'ooniif ijaaruu ture.

Raamseesirra kan darbe beekumsa maalii qabduu? Dhugumatti, namootni eessa akka deemaa jiran hubachuu dhabuu ni dandeessu. Waan namootni adeemaniif qofa isin kaatanii jirtu ta'a.

Karaa hammamii akka adeemtan hubannoo qabduu? Hiriyootaa fi namoota olla keessanii deebitanii ni agartuu? Wantoota akkasii yaaduu hi qabdani. Yoo wantoota akkanaa ni yaaddu ta'e, yaada deemuudhaaf qabdan jijjiiruun keessan hin oolu.

Wantootni kan biroon isin yaaduu dandeessan maal ta'uu danda'uu?

Raawwii

Yeroo waa'ee seenaa saba Israa'eel ilaaltanitti, waa'ee jireenya keessanii ilaalchisee ibsa akkamii kennituu? Jijjiramni guddaan jireenya keessan keessatti uumamee jiraa? Jijjiramni tasaa uumamee jiraa? Jijjiiramni murtaawaa hin taane uumameeti jiraa?

Wantoota armaan olitti uumaman kanneen keessa isa kamitu itti fufiinsaan raawwataa?

-
Wantootaa armaan olitti caqafaman keessaa warren kamitu shakkiidhaan raawwatamaa?

-
Kadhannaa

Yaa Waaqayyoo Gooftaa, baroota keessatti jireenyi koo bu'aa ba'ii hedduu keessa darbeera. Jijjiiramni yeroodhuma hunda jira. Jijjiiramoonni kunniin immoo karoora koo balleessaati jiru.

Jijjiiramoonni kunniin ana saaxilaati jiru. Yeroo ani wantoota kanneen ilaalutti, akka ati ana waliin taatee jirtu nan hubadhe. Situ har'aan na ga'e. Harka Kee isa ana geggeessuun waan ana waliin taateef galatoomi.

Barannoo 6- Kutaa 5

Seensa

Yeroon kun yeroo itti adeemani dha. Israa'eelotni biyyicha gadi dhiisaati jiru. Wantoota beekan hundumaa yeroo itti irraanfatan dha. Osoo isaan yaada isaanii hi jijjiirratin "nagaatti" jechuun barbaachisaa dha.

- Moojulii Kakuu Waaqayyoo, eebba keenya jedhu keessatti yaada kana waliin wal fakkaatu ilaalleerra. Abrahaam Waaqayyoon gara lafa kakuutti waamameera, Seera Uumamaa 15:13-14 irratti sanyiiin isaa akka lafa kana dhaalan dubbatameera. Garuu, akkuma Waaqayyoo Abrahaam, Yisihaaq, Yaa'iiqoob waliin ta'e, yeroo Museen saba kana geggeessutti, akka Waaqayyoo isa waliin ta'u kakuu ni gale.
- Sabni Israa'eel jireenya biyya Gibxiitti jiraachaa turan waliin kan wal fakkaatu yoo eegan iyyuu, Waaqayyoo karoora biraa isaaniif qaba ture. Waaqayyos kakuu Isaa ni eege. Inni saba Isaaf amanamaa ni ta'e.

Raawwii

Isin jireenyi keessan akka hakuucamaa ta'etti ni fudhattuu? Kuni hundi wanta uumamuu danda'u dha jettanii ni yaadduu? Yookiin waan Waaqayyoo bakka haarawaa ta'etti isin waamu isinitti ni fakkaataa? Biyyi Kakuu keessan eessaa?

Fedhiin Waaqayyoo isiniin gabrumma jalaa bilisa gochuu dha. Fayyina akkamii barbaadduu?

Wantoota akkamiitu isiniin akka biyya kakuu keessanitti hin seenneef isin dhorkaa? Isin Waaqayyoon maal gaafachuu barbaadduu? Tarii araada keessanitu isin gabroomfatee jira, Tarii haalli isin keessa jirtan isin gabroomfachuu ni danda'a, Tarii hariiroon jalalaa isin qabdan isin gabroomfachuu ni danda'aa? Fayyina akkamiitu isin bilisoomsuu danda'aa?

Yaadachuu

Waaqayyo nuti akka gara Isaatti adeemnuuf nu affeereera. Akka warra Israa'eelotaa waan nuti hakuucamne nutti fakkaachuu ni danda'a. Garuu, Inni "Gara Koo kottaa" jedha. Yeroo fudhachuudhaan Wangeela Maati'oos 11:28 dubbisaa, Yoo fedhii ni qabdu taatan immoo lakkoofsa 29 fi 30 itti dabaluu dubbisaa. Lakkoofsotni kunniin gabaaboo dha. Lakkoofsota kanneen waraqaa iindeksii keessan irratti barreessuudhaan yaadadhaa. Yesuus akka gara isaatti adeemnuuf nu waame, Ba'aa jireenya keenyaa irraa nu fayyisuu barbaade. Yeroo gara Isaatti adeemtan lubbuun keessan ni fayyiti.

Kadhannaa

Yaa Yesuus Gooftaa, akka ani gara Keetti dhufuuf ana waamte. Akka jaalalli Kee gara jireenya kootii dhufuuf ana affeerte. Akka ani hafuura Kee keessatti jabaadhee jiraadhuuf ati na dandeessisi. Ati Gooftaa kooti. Ani mucaa Kee isa Ati uumte dha. Waan jireenya gabrummaa fi gadadoo jalaa ana baafteef galatoomi.

_____ -

Keessa deebii

Macaafa Seera Ba'uu boqonnaawwan jalqabaa 12 keessatti odeeffannoowwan hedduu argattaniittu.

1. Namoota shanan seenicha keessatti murteessoo dha jettan eeraa

- _____ -
- _____ -
- _____ -
- _____ -
- _____ -

2. Haayilaayitarii keessanitti fayyadamuudhaan, Macaafa Seera Ba'uu 6:6-8 irratti kakuu Waaqayyo Museedhaaf seene eeraa.

➤ Maaliif Kakuun kun yeroo kanatti kennamee?

_____ -

3. Dha'icha kurnan tarreessi

_____	_____
_____	_____
_____	_____
_____	_____

➤ Waaqayyo mallattoowwan dinqisiisoo kanneen ni raawwate. Akka Macaafa Seera Ba'uu 7:4-5 irratti caafamee jirutti, Inni maaliif warra Gibxii irratti dha'icha kana geessisuu barbaadee?

_____ -

4. Waa'ee angafootaa ilaalchisee ilaalcha akkamii qabduu?

5. Nyaanni guyyaa kana nyaatamu maalii? Nyaanni kun maaliif Waaqayyoon filatamee?

Xumura Moojulii Kanaa

Qo'annoo keessan akka itti fuftaniif ni jajjabeeffamtu. Isin wantoota baay'ee barachaa jirtu. Isin haala salphaa ta'een Macaafa Qulqulluu hubachaa jirtu. Seenaawwan Sagalee Waaqayyoo yeroo dubbifanitti, Waaqayyoo waliin hariiroo keessan ni jabeeffattu. Isin yeroo kana haala mijaawaa ta'e keessa ni taatu. Waa'ee dhugaa Waaqayyoos gadi fageenyaan ni hubattu.

Kadhannaa

Yaa Gooftaa, Ati Kakuu Abrahaam, Yisihaaqii fi Yaa'iqoobiif galteef amanamaa turte. Namoota kana gabrummaa jalaa ni baaftu. Akkuma Ati isaaniif amanamaa taatetti, anaafis amanamaa akka taatu nan beeka. Yeroo ani jireenya koo keessatti hacuuccaan ana irra ga'e iyyuu, Ati ana waliin ni taata. Ati na jabeessita. Hojii ani hojjedhu irratti na jabeessita. Waan gabrummaa jalaa akkan ba'uu na waamteef galatoomi.
